

QILILLEE

ASOOSAMA

BURTUKAAN MANGASHAA TAAJJABAA

**FINFINNEE, OROMIYAA
HAGAYYA, 2018**

© BURTUKAAN MANGASHAA TAAJJABAA 2018

Mirgi Barreessaa seera Waaqaafi Namaan Tikfamaadha!

Madda wabeeffachuun dhimma sabaaf miidiyaa irratti
dhimma ba'uun ni eeyyamama.

Teessoon

E-mail lalidakush@gmail.com

Lakk.Bilbilaa 0936672162

Gulaalaa,

IYYAASUU TARRAFAA

YAADANNOO:

Barruun kun Aayyoof Aabboo, Qaqallii ilmaan Oromoo Afaan Oromoo Kalaquufi Bu'uuressuurra darbee Hanaga Hundeedhaan gadi Dhaabuutti Wareegama Qaalii Kaffalaniif Kennaa Oromummaa isa Onnee koorraa madde fi Siidaa Yaadannoo baraa naaf haa ta'uuf!

GALATA

waan hunda Gararraa kan jiru Uumaadha! Oofkaltiifi Kennaa isaatu Xaxaa Hedduu jala na hulluuqsise! Galanni Kan isaati!

Yoo Ogummaafii Obsaa, Yoo Dandeettiifii Gorsaa Mana isaatii waraabamee hin dhumu. Osoo Ati keessa hin Galle ta'ee QILILLEEN akkuma Maqaa isaa Qililloomee hafa ture Kitaabichi boca sirrii akka qabaatu hedduu itti dadhabde. Iyyaasuu Tarrafaa. Ilma Sabaa! Umurii Arraagessaa Isaaf Haa kennu!

Itti aansee Harmee koo! Ati na deesse qofaa osoo hin taane, na qartee na guddifatte. Lafa Ammayyummaan dhaloola liqimse keessatti Of-na barsiifte! Naaf Raagii malee homaa hin jedhu!!

Dhumarratti; Hiriyoonna koo Jaallatamoon Warri Oromummaa fi Sabboonummaa leellistan gargaarsi naaf taasistan salphaa miti. Ulfaadhaa!!!

DHAAMSA

Oromookoo! Waantin isinitti Dhaammachuu fedhu Gara hin qabu! Garuu fuullee waraqaa hangana geessurratti Barreessee fixuu waantan hin dandeenyeef waanuma xiqqoon isinitti himadha. Maal seetan?! Oromummaan kan walitti qabnudha. Waantonni oromummaa keessa jiran immoo danuu danuudha. Keessaa Afaaniifi Ogbarruu sabichaa yoon kaase , Kennaa Aabbootiin keenya Lubbuu qaalii wareeganii "hoodha!" Jedhanii nuuf laatan kana Maaloo Akka laayyoottii ilaaluun nutti yaa hafuu!

Baayyee guddaa ta'uu baatus seenaafi duudhaa sabichaa awwaalame haa baasnu. Ta'uu baatus Warra Quuqamni oromummaa keessa isaanii waranee Oromummaa leellisan Haa jabeessinu! Wal bira haa dhaabbannu.Og barruun Dinagdee gaafata. Maarree warri horii qabu Og-barruu sabichaaf yoo hiixate?!Maal qaba yoo Deeggare? Tokko yoo ija ta'e gariin Gurra haa taanu! Kana hin gone taanaan, maaliree Ganda komachuun?! Silaa ofumaaf of Awwaallee! "Sa'i abbaan gaafa cabse, Ormi ija balleesaa!"jedha Oromoon koo! Kanaaf Wal haajabeessinuun dhaamsa koo isa Onneerraa maddedha!

SEENSA

QILLILLEEN hallayyaadha! Hallayyaa isa dhihoo miti! Isa Gadi fagoo!
Isa sigigaachuu lafaa fi dhohinsa Voolkaanoon uumamu miti! Isa
jiruufjireenyi Addunyaa soqxee.

QILILLOOMSITUDHA! Isa dabuu seera Uumaan dhufedha! Isa Lafti
kabajni malutti salphinni bu'ee dhufudha. Isa gadi fagaattee "Amma
dhuma! "Osoo jettuu Osoo hin dhumiin hafudha. Bakka ka'umsa
malee gahumsa hin qabne!

Bakka ati karoorsiterraa dabee Galma ofii isaa siif tolchee itti si
simatudha! Qillilleen isa kanadha!

DUBBISA GAARII!!

..... 1.....

...Ganni hinaaftichi fira addaan hiree qaraaf qalbii firaa wal yaachise sun akkuma fiigaa seenetti fiigaa keessaa bahera fakkaata. Birraa abbaan jaalaalaa siimboofi miidhagina, milkiifii irra aantummaa isaa qabatee seeneera. Illiin birraa daddaraanii jiru. Sanyiin midhaanii seensa arfaasaarra faca'e yeroo aduun birraa qabbanooftuun qalbiif soora taate irra qubattu, "maaloo nabira hin darbiin!" jechaa ofitti nama harkisu. Qalbiin firaas wal kajeleera. Kuun "Adaadaa koo dubbisuu laata?" jedha. Gariin immoo "ka'een Akkoo koo ishee laga gamasii dubbisa." Jedha. Kuuwwaniis haalasiin qalbiin bittineera. Obbo Magarsaanfaas qooddattoota yaada kanaati. Mana Obboleettii haadha warraa isaanii deemanii dubbisuuf yaadan. "karoorsaan namaa, itti guutaan waaqa!" jedhan MITIIEEE?

Obbo Magarsaan haadha warraa isaaniitiin " Kuullee koo! mee Naanbooniifi Aansiifitti huccuu naaf jijjiriiti waa afaaniin nu qabsiisi Adaadaa Naanbooniifa dubbisnaa." Jechuun itti himatan. Aadde Kuulaniinis waan ajajamaan nafa nafa raawwachuudhaan waaqa uumaa isaaniitiin "nagaan nu baastee nagaan gara qe'ee keenyaatti nu deebisi!" jedhanii ulaa isaanii

Furgaasaa ollaa isaaniitti makatanii Araddaa isaaniitti nagaa dhaammatanii; Aanaa Jalduu ganda Edensa Galaan irraa gara magaalaa ollaa isaanii Aanaa Dandiitti imala eegalan. Daqiiqaa muraasa booda ganda isaaniirraa Magaalaa Goojjoo gahan.buufata konkoolaataa magaalattiitti argamuutti ol lixanii Dhagaa guddaa buufaticha keessatti argamu irra ququphananii Konkolaataa gara magaalaa Giincii deemu eeggachuutti jalqaban. Turtiin boodas Autobisiin tokko gara buufatichaattitti aggaamee jennaan gargaaraan konkoolaatichaa keessaa gadi utaaluun " Gincii ... Giincii...Giincii..." jedhee gaafa iyyu, Obbo Magarsaan Naanboonii harka isaa bitaadhaan jabeessee qabatee, Kuulaniinis Aansiif daa'ima sabiyyii ganna lamaa waan turteef Anqalbaadhaan dugda isheerra buufattee gara konkolaatichaatti lafa ciniinan. Magaalatti keessatti sababa karaan mijataan hin jirreef rakkoon geejjibaa hammataadha.

Yeroo konkolaataan tokko mooraa seenu, uummanni Hawwaannisa midhaanitti duude fakkaatee qaama konkolaataa uwwisa. Aadde Kuulaniinfaas dhiibboo meeqaan garaa Konkolaatichaatti ol timanii teessoo duubarra jiru qabatan. "lafti Oromiyaa Hurfaa Chee! Chee! jedhii farda yaabbadhuu, anis hin hafuu nan dhufaa mee taa'ii na gaggaafadhuu mee taa'ii na gaggaafadhuu ... " kan jedhu sirba Weellisaa Taaddalaa

taa'ii na gaggafadhuu..." kan jedhu sirba Weellisaa Taaddalaa Gammachuutiin bohaaraa Konkolaatichis deemsa isaa eegale. Dhugaattuu lafti Oromiyaa Hurufa. Miidhagduujiituu fi siimboo qabettii dacheeti. Uumaan waaqaa kamuu mudoo hin dhabu; kan Oromiyaa kun garuu raajii dha. Mudoo tokko hin qabdu. Ormaa ol irraa fayyadamuu baannus Ishoo! Galanni isaa hin badiin, baguma haalasiin miidhagsee nuuf uume jenneerrakaa...

Naanbooniin mucaa waggaa kudha Jahaati. qananiitti waan guddateef qaamaanis yabbuudha. karaa foodda Konkolaataatti aanee sirba armaan olii akkeessaa miira gammachuuf bohartiin magaalaa Goojjoo haalaan daawwachaa yeroo muraasa booda Magaalattii keessaa bahan. Aansiif akkuma kaasuu harkaa harmee ishee keessa jirtutti shillim! Jetteetti. Karaan magaalaa Jalduu akka Maqaleef Addigiraatii Asfaaltii miti. Dhaadhessoon ta'iin malee yeroo achii nama raasu ulfa baasa! Urguffii Konkolaataa jedhee ba'aan Aansiif Kuulaniitti daran ulfaateera. Naanboonitti kennuuf yaadde. "Naanii koo! mee obboleettii kee kana narraa qabil?" Kuulanii turte.

Naanbooniinis ijoollee waan ta'eef Aansiif akka baatuuf yoo itti kennamu gammachuun udduu of dhiita. ofitti qabee haammatee ija mararteen fuula ishee hanga Sumunii gessu ilaalaa suuta jedhee dhungate. Yeroo kana Qunnuseen hirriba keessaa ol utaaltee caraana kuttee gadi dhiifte. Naanbooniin naasuudhaan Hadoodee " ...ush!.. ...ush! callisi kaa Simboo tiyya!" jedhee sossoba. Isheen garuu boo'icha ittima fufte...

Naaniin naasuu keessa waa yaade "Harmeen yeroo Qunnuseen boossu maal jettee callisiistiyyuu? "Naaniitu of gaafata. Keessi

isaas sekondoota gidduutti urursa Daa'imaa Harmeen isaa jettu sana walitti qabee itti laate, kana argateetiiree?! Konkolaataadhuma keessatti ...

" ushururuu ...ushuruuruu ...

Haatii kee essa dhaqte

Hagamsa guuruu dhaqxee

Hagamsi dheedhii qaba

Dheedhiin bilchaata qabaa

Mormi Qunnusee koo jalli meeti qaba(2_).. Jedhee ururse.

Naanbooniin!

Qunnuseenis sagalee obboleessa ishee hawwataa kanaan liqimfamtee hirriba isheetitti deebite. Qunnuseen maqaa masoo Aansiifiti. Aansiif bareedduu, fuulli ishees ta'ee qaamaan xinnoo waan turteef Qunnusee jedhuun! Naanbooniinis Aansiif rafuusheetti gammadeera! Yeroo kanatti Obbo Magarsaas ta'ee harmeen Naanbooniif Aadde Kuulaniin Bakkuma taa'anitti muganiiru.

* * * *

Autobisiin maatii Obbo Magarsaafii imaltootaan guuttamte kun imala ishee Goojjoo irraa kaatee gandoota Sariitii fi Cillaanqoo qaxxaamurtee Gaaleessaan baatee jirti. Gaaleessas taranii baddaa Areeraatti yeroo ol qajeelan waanti hamaafii amanuuf nama rakkisu tokko mudate; innis balaa Konkolaataa ture. Konkolaatittiin yerooma Areeratti ol baatu ol utaaltee sammuu dhaabatte.yeroo kana Kuulaniif Magarsaan hirribarraa binin! jedhaanii waan ta'aa jiru amanuu dadhaban; abjuurra waan jiran se'an; maal godhuree jaalatani mitii dhugaa ta'uu isaa gaafa baran Kuulaniin naasuun coolboftee al tokko qofaa" ... dhalakoo!..." jettee iyyitee gadoodde!

Obbo Magarsaan utaalee Naanbooniifii Qunnusee bobaa isaa jalatti yeroo naqatu sibiilli Konkolaatichaa sammuu dhabe. Aadde Kuulaniinis battaluma sanatti barcumni Konkolaataa kalee dhabee liph! Godhe.Imaltoonni martuu hedduu miidhamaniiru; Aansiifi fi Naanbooniin garuu miidhamuu mitii hin moccoramne. Konkolaachisaas ta'ee gargaaraan konkoolaatichaa achi buutee miila Bakar Waaree ta'aniiru Yaa uumaa hojii keef safuu! Edaa atis kan fedha kee malee hin raawwattuu?!

Naanboonii naasuun donneessus Aansiifiin jabeessee haammachuu isaa hin dhiisne. Yoo kana Aambuulaansiin Magaalaa Jalduu ximbiriiraa dhufte. Imaltoonni hedduun miidhamanis miidhaan isaanii wal darba.kuuwwan lubbuutu keessaa bahuuf hoollata; kuuwwan immoo danuus hin miidhamne.Ambulaansittiiniis takka waan taateef warra lubbuun itti hammaatte keessaa filattee gara Hospitaala Ambootti lafa ciniinte.Miidhamtoota Ambuulaansiin fuute keessaa maatiin obbo Magarsaa hunduu jiru. Naanbooniin Konkolaatattii keessa taa'ee yeroo haadha isaa ilaalu waan dubbatu wallaale, callisee ija ishee keessa ilaalee itti dubbachuus kajelee ... " aayyo ... a aayyookoo" jedhe

Naanbooniin sagalee adda ciccituun. Harmeensaa garuu kan itti dubbatuu haa turuu ilmaan ishee lamaan addunyaa gidiramtuu kanatti gattee erga deemtee daqiiqota lakkoofsisteetti. Naaniinis waan isaa wallaalee "maaloo Harmee koo maaf na jalaa diddaa?" jedhee fuula ishee sosochoose. Harmeen Harmee durii itti ta'uu didde.dur Naanbooniin ishee waamee miti gola keessaa qufaanaanuu waan afaanii qabdu tuftee itti dubbatti ture.

Inni har'aa garuu Naanbooniif haaraadha. jilbeeffatee gurra isaa afaan isheetti qabee dhaggeeffate; huursa Konkolaataa malee qaamni ishee qorreera. Yoo kana " a a a ayyookoo nagattee deemtemoo uuu uuu!" Naanboonii ture. imimmaan karaa afuriin gadi naqaa harka isaa lamaanii mataa qabatee iyyuu eegale. Naanbooniin osoo hin jaalatiin dirqiidhaan du'a harmee isaa LEEL! JEDHEE fudhateera. Maal godharee? Seera Uumaatii!

Konkolaatattiin ammas Ambo hin geenye. Naanbooniinis boo'icha iyyaan wal makeen yoo maraatu; Aansiif daa'imni kichuun gaariif yaraa adda hin baafne caraanuutti teesse, jarri lachuun wal jalaa qabanii gaafa iyyan Caacutii Simbirroo Haati Mandhee keessatti gattee deemtee walitti wacan fakkaatu. Kan nama dhibu kan Aansiifi! silaa isheenoo daa'imaa maaltu akkas boochisaa?! Maaltu beeka yoon afaantu hin dubbanne malee keessi ishee beekeera ta'aam.

RAAJII UUMAA KANAA! Turtii yeroo muraasaan booda Amboon bahan. Hospitaala Amboo akkuma seenaniin narsoonni siree jalaa ol qabanii gara Ambuulaansichaatti fiigan. Obbo Magarsaa, Adde Kulaanii fi miidhamtoota mara fuudhanii gara kutaa Yaala ariifachiisaa

ykn balaa tasaattitti ol seensisan. Narsittiin takkammoo Qunnuseefi Naanboonii qabdee gara kutaa dhuunfaa isheetti olseente. Yeroo kana Naanboonii boo'ichi sammuu naannessera.haa ta'u malee jiruuf jireenyi boruu isaafi obboleetti isaa maal irratti kufuu akka danda'u yaaduu eegale .Naarsittin ammoo Aansiif waaqni Harmee ishee kichummaatitti irraa fudhatee foolii haadhaa dhabdee caraantu sossobutitti gorte.

Aansiif takkaa ururfamtee jennaan laamshoftee waan turteef Tokkichumaan mugde. Narsittiinis Aansiif raffiftee jennaan gara Naanbooniitti garagarte. dhufaatii isaani qorachuuf. "GURBAA ...GURBAA.."Narsitti turte.Naanbooniin yaaddoo hamaarratti kufee waan jiruuf hin dhageenyeen, " sii GURBAA!" jechaa qaama isaa sosochoostee. Innis akka naasuu ta'ee "o,o,ooo" jedheen. "maal taatee? Maaltu akkas si yaaddessaa?" Narsittii turte! "lakki ..lakki... yaaduumaa! Jedheen Naanbooniin osuma mummu'amuu" lakki dhiisi malee haati kees abbaan kees nii fayyuu hinyaadiin!" jetteen. Yeroo kana Naanboonii aariin akka bubblee ji'a sadaasaa huursee sammuutti cilliim! Jedhe. "nan goyyomsiin! ...hinfedhu nan goyyomsiin haati koo duutetti NAN GOYYOMSIIN" Jedhee imimmaan dhanquu

dhanquudhaan gadi naqaa itti iyye. Narsittii Naasuun bishaan godheera. jecha isheettis akka gaabbuu taatee; waan dubbattu wallaaltee calliistee ija ishee imimmaan calalee "nanbu'a! nanbu'a!" jechaani jiruun ilaalteeNaanboonii bobaa ishee jala suuqqatee hirqanii walitti boo'an.

Narsittiinis dhiifama gaafattee akka hin boonyeef irra deddebitee itti himte. " tole hin boohu... garuu maaloo osoo nan sobiin natti himi. Abbaan koohoo hin duunee?" Naanbooniidha. " ee hin sodaatiin haala gaariirra jiruu abshir! nii fayyuu" jettee rifeensa isaa harka isheetiin susukkuumte. Abdii bicuun tokko akka keessatti biqiluu taatee " UUUUFFFFFF..... " jedhee afuura dheeraa gadi baafate. Yeroon amma walakkeessa guyyaa darbee gara naannoo sa'a saddeetiitti siqee jira. Aansiifis ta'ee Naanbooniin Maxinoo barii Aayyoon isaanii galaa dhumaatiif Ayeetuudhaan laatteefin alatti sanyii midhanii afaaniin hin qabne. haata'u malee Naanbooniin tasumaa gara qoonqoo hin yaadanne. Akkamitti yaadatas?! Narsittiin kana yaadde fakkaata "waa nyaatamu maal sii fidu Naanii?" jettee gaafatteen. Naanbooniinis "lakki...lakki ani hin beeloofne. qooda koo Aansiifiif fidi." Jedheen. Narsittiinis nyaata laaqana isheetiif qopheeffatte sana Qunnuseedhaaf

laattee kutichuma keessatti gattee gara hojiisheetitti baate. Carraan obbo Magarsaafaahoo maal ta'a laata? Akkuma harmee Naanbooniifaa innis ilmooleesaatti garaa jabaatee sokkamoo itti deebi'eet Isaan guddifata laata? Kun nuuf gaaffii cimaa ta'uyyuu isa nama uumeefi ooltee bultii namaa beekuuf salphaadha!

Boo'icha, haarii, naasuufi Gaddi wal utubanii Naanboonii raatessanii jiru. Bakkuma taa'ee jirutti hirribaaf haala mijeessatera.... 'Namicha dheeraa hanga muka baargamoo Minilik hatee warra adiirraa galche sanii gaha, gurguddinni isaafii diiminni ija isaa Huubboo suphee diimaarra dhahame fakkaata, kan rifeensa mataa isaa waan dubbatamu miti, walmaree Araddaa reef margu fakkaata, kan gurraachuma isaa safuudha! Hudduu Eelee sibiilaatiin waan adda baasamu hin qabu. lukti isaa dhodhodhohee dinnicha biyyee gabbataan guddate fakkaata, waanti kaawwatee jiru kofoo binxamaa sobaaf walitti rarara'ee jiru tokkodha. Walumaa galatti huccuu kaawwateera jechuun nii ulfaata. Namtichi kunis Naanboonii, Qunnusee fi Abbaa isaaniitti ulaa keessaa itti olbahee ... Magarsaaniis naasuudhaan waan ta'u wallaalee Aansiififi Naanboonii of duubatti darbate. AbbaanGaachana mitiiree?

Yeroo kana namtichi sagalee guddaadhaa fi gorori'u tokkoon" KKKKKK....Dhuftanii! Koottaa! hhhhh " jedhe. akka kolfuufi haaruu wayii ta'aa." anaan akka feete na godhi. garuu adaraa kee! adaraa kee ijoollee koo! homaa najalaa hin godhiin!" jedhee watwaate obbo Magarsaan. Naanboonii lubbuun keessaa bahuuf qoma jala geesseetti. Ba'aa Aansiifiin baatee jiru caalaatti dhiphinni morma irraa gadi cabsuufi. "hahahaha.... Maaliif ijoollee kee dura du'uu feete? Ijoolleen kee simalee abbaa malee guddachuu qabuu?" namticha ture.

Magarsaanis nafa nafa "maaloo gooftaa koo hardhuma qofaa nu baraarii maaloo adaraa uumaa kee ijoollee koo haadha hin qabne kana abbaas hin dhabsiisiin maaloo?!" Jedhee imimmaan harcaasaa kadhate. Namaaf dhufnaan sireerratti jedhama mitiiree?! Namtichis gara laafummaa tokko malee saanjaa isa calaqqisni isaa ija nama waraanu kana of duubaa butee yeroo morma obbo Magarsaatti lakkisu,...Naanbooniinis "uuuuu abbaa koo" jechaa bakka rafee yoo utalee ka'u edaa waanti ta'aa ture martuu ABJUUDHA. Abjuun bara beelaa "buddeen buddeen" jetti jedhanii kanumaafin se'a kan abjuunis ittiin taphattu.

Naanbooniin ija isaa harka isaa lamaaniin haaxawwachaa mimmiixachuutti ka'e yeroo kana narsittiin dhuftee ulaa rurrukutte," eenyudhaa? Seenaa!' 'Naanboonii ture. Narsittiin gara kutichaatti yeroo olseentu fuullii ishee duumessa gannaa roobuuf ka'eetitti cilaattiin irraa deebi'ee jira. Naanbooniin waansaa dhugoomsitee laata?"jedhee keessa isaatti yaade. Lafaa wallaaleera "yaa waaq! abjuu dabaakana olka'ee ija Narsittii keessa ilaaluu qofa filate. Jarri lachuu homaa walitti hin dubbatan. Narsittiin qaamni ishee akka nama busaan qabeettii rom'aa jira. Maali laata waa'ee abbaa Naanbooniifaa waa dhageesseemoo?

Narsittiin "Naanboonii abbaan kee" Jettee osoo hin xumuri " hii hiii .. hii.. Abbaan koo maalta'e innis hin du'ee?" jechaa balbala kutichaa banee gara alaatti gadi kaate Naaniin.yeroo kutaa yaalamtootaa bira darbu, nama huccuu adiidhaan maramee Narsoonni sireerra ciibsanii harkisanii yoo fiigan mildhate, qaamni isaa urgufame. itti fiigee bira gahee gaafa ilaalu kan shakke yoom ooleree?! tokkicha haftee isaa kanas waaq irraa fudhateera. Naanbooniin narsoota duukaa gara kutaa reeffaatti olgaluuf jennaan qabani alatti dhoowwan. . . innis naasuudhaan of wallaale "

uuuuuu....uuuu ..uuuu. Abbaa koo abbaa koo maaloo" jedhee iyyaafi imimmaan ifirra lolaasaa jilbibbiin goodaa keessa qajeelee. Aansiifii fi Naanbooniin guyyaa keessa hallayyaa abdii dukkanaa'aatti dhidhiman. Haatiifi Abbaan isaanii ilmaan lameen akka mucha re'ee guyyaa tokkotti walitti dhiisanii biraa sokkan. Aansiif illee maal beektii mitii; Naanbooni isa uumaan hangafoomse sun umuriisaa malee maanguddoome. Maal guyyaan abaaramaan akkasii?!

Reeffi Abbaafii Haadha Naanbooniifaa guyyoota sadiif Hospitaala Amboo keessa ture. Adaadaan Naanbooniifaa dhufaatii isaanii quba hin Qabdu. Isheen Biyya jiru jetti. Ollaan isaanii Immoo Akka Giincii Jiranitti beeku. Kanaafi As buuteen isaanii kan wallaalame. Fira, maatiifi ollaan fuudhe awwaallatus waan dhabameef bulchiisa Magaalaa Ambootiifii Gargaarsa namoota Tokko Tokkootiin Awwaallaman. Gaafuma sana irraa ka'ee Jaalalli Naanbooniin namaaf qabu dachaadhaan gara jibbaattii jijjiirame. oduma oduu keessa Abbaan Naanbooniif haatii Naanbooniifaa balaa konkolaataatiin akka lubbuun isaanii darbeef. Magaalaa Abbooti akka awaalamana dhageesse, Kana dhageessu garu; kan isaanii akkuma nama tokkooti gaddi guddaan itti dhaga'amee, ijoolleen isaanii hoo eessa bu'an jettee

barbaaddus argachuu hin dandeenye. ijoolleen isaanii gaddaan liqinfamanii Qilillee jireenyaa keessa lixanii daaddisaa jiru.

Erga Abbaan isaanis awaalamee Narsittiin Naanbooniifi Aansiif fudhattee gara mana isheetti galte. Achuma mana ishee bubbulan. galiin narsittii isheerra darbee waan Naanbooniifaa jiraachisu miti. kanaaf isheeniis yaaddoo hamaarratti kuftee waan gootu dhabde. silaa akka garaa isheetii ijoollee kana lameen of biratti guddifatti ture. "Akka garaa ta'aaree? Marqaan galaa ta'aaree?"Jedhe geerare gootichi Eebbasaa Addunyaa biyyeen itti haa salphatu malee. jireenyi narsittiis kanaan walfakkaata. Narsittiinis Hiriya ishee baayyee jaallattuufii gaddaaf gammachuu ishee waliin qooddattu Sister Obsee dhaan mari'atte.Obseeniis mala dhoofteef.Magaalaa Amboo keessa dhaabbanni guddisaa daa'immaan Abbaafii Haadha hin qabnee 'Leegoodanaa Tadaadarrii' jedhamu akka jiru quba waan qabduuf, garasitti akka geessitu itti himte.

Narsiittiinis osoo hin jaallatiin NAANBOONIIFAA gara dhaabbatichaatiitti geessuf murteessite jirti. Akkam jettee Naaniitti akka himtummo dhiphina cimaa itti ta'e.ol yaadde, gad yaadde. Asiinis ta'u achiin guyyaa hardhaa galgala akka

itti himtu ofiif murteeffatte. Galgalichaas itti himuuf kaate. yeroo tapha Naaniifaa argitu "maaloo uumaa koo! maalin si yakke? Maalumaaf ba'aa hangana gahu narra keesse laata? Osoon ka'ee itti himee taphniif kolfi isaanii kun boo 'ichatti hin jijjiramu? Ni jijjirama! Maal wayyaree? Mee hardhas callisi!" haasaan kun kan Narsittiifii keessa ishee isa qorumsaan guutameeti. Akkuma ofiin mari'attetti hardhas irra tartee bariituu borii immoo itti himuuf yaadde. Naaniinfaas rarrafan. Narsittiin barii barraaqa waca Simbiraa kaatee ciree mi'aawaa qopheessitee Aansiifi fi Naanboonii bakka rafaanii kaastee ciree isaanii erga laatteefiin booda minjaala irratti ciree nyaatan irra akkuma harka kakkaawwatanii jiranitti "Naanii koo osoon isin waliin jiraadhee natti tola ture. Uuuffff.... Garuu maal godhuree haalli jireenya kootii waan naaf hin hayyamneef gara dhaabbata guddisa daa'imman haadhaafi abbaa hin qabneetitti isin galchuuf murteesseera." Jette Narsittiin imimmaan rambaa! Rambaa! Gochaa.yeroo kana dhagahu Naaniin gaddi isaa dachaa dachaan itti dabale. Jibbi inni dhala namaaf qabus akkasuma. Haa ta'u malee Narsittiin jettu iyyuu NAANBOONIIN dhaabbata kana galuuf eeyyamamaa hin turre. Sababiin isaas, dur akka dhagahutti

ijoolleen dhaabbata kana keessatti guddatan kashalabbee, kan maqaan isaanii badurra darbee maqaa maatii isaanii warra irraa dhuman awwaala keessatti siqiqsan fi baddoota akka ta'anittidha. Kanaafi Naanbooniin achitti guddachuu kan hin barbaanneef. Narsittiinis boru akka geessitu itti himte.

ADDUNYAA gidiramtuu nanaa! Hojiin kee burree! Kaan jireenya simboo qabu, kan oolteef bulteen ishee miidhagu keessa jiraachista. gariin oolmaa fi bultii gidiramaa dhama hin qabne keessa jiraachista! Kuuwwan maatii gammachuun guuttee haasaaf dubbii isaanii mara kolfaan bashaasista. Kaan immoo faallaa isaatiin gaddaan guuttee imimmaaniin of borcisiista! Kaan abbaaf haadha irra jiraachifteetet ilmaaf intala fuusisiftee heerumsiftee, Akkoof Akaakayyuu argisiifta. kaanimmoo akkuma Naanbooniifii Aansiifittitti osoo foolii haadhaa hin quufiin irraa ajjeeftee kophaatti hanbista. UGGUM!! A'aa!

Naanbooniin yeroo haasaa Narsittii dhagaheen kaasee akkamiin akka jalaa bahuu danda'u mala maluutti eegale. Naaniin akkuma yaadaan liqimfametti furmaata tokko osoo hin argatiin guyyaan isaa dhiheera. Narsittiin huccuu ofii isheetiif bibbitteef korojoo tokkotti nannaqxeeffii yeroon

hirribaa geenyaan Aansiif faa raffiftee ofiifis gara hirriba isheetti qajeelteetti. As galgala.achi galagala.Garuu homaa furmaata dhabe.hirribnis fudhachuunii diddeetti. Halkanis walakkaa'eera. Yeroo kana yaadin tokko dhufteef... " ka'itii! Ihii? Barii golgola waca simbiraan obboleettii kee fuudhuuti badi! Magaalaa kana keessa silaa hin beeku badiin kana caalu yoo natti dhufe hoo? Anillee homaa mitii intala bicuu kana rakkoo hin taane keessatti yoon gate hoo? ... lakki! Homaa miti waaqni Haadhaaf Abbaa keessan isinirraa fudhate callisee karaarratti isin hin gatu. Kanaaf maal wayyaree? Bariin ka'itii gara miilli kee si hoofetti qajeeli. Tole!" baasaa Naanbooniifii keessa isaati.

Inniif keessi isaas yaadicharrattii waliif galanii yoonuma kana hirribni fudhattee sokkite. Akkuma keessa isaan mari'atetti Naanbooniin osoo Simbirri hin waciin ka'ee bullukkoo harmee isaatiin Qunnusee isaa dugdarra buufatee osoo sokok! hin godhiin waaqa uumaa isaatti imaanaa dhaammatee ulaa isaa banatee " yaa karaa gara geesseen na ga'i!" jedhee Asfaaltii guddicha magaalaa Amboo qabatee deemsa isaa itti qabeera. Garamitti akka deemuuf eenyu bira akka deemu isaaf ifa miti. yeroon gara walakkeessatti siqeera. Inni garuu akka nama galma wayii ga'uuf imaluutti boqonnaa malee deemsa isaa itti

fufe. Asfaaltii irra deemee waan hin beekneef karaa kamirra akka deemus hin beeku. Namni "achiin gori gurbaa!" jedhaan. yeroo achi goru kilaaksiin konkolaataa gurra irraa ajjeesa. As kaata achi kaata. Deemsa karaa, ba'aa Aansiifiifi iyyi Konkolaattota magaalaa keessaa walitti ida'amanii Naanboonii bututteessanii jiru. Ammadha kan inni boqonnaa barbaade. Asiif achi mildhate. Akka qe'ee abbaa isaa durii goodaa baldhaa magariisaan uwwifame barabaada. Inni garuu hin jiru. Akka tasaa magaalaa keessaa bahee daandii gara Wallaggaatti nama geessu Ganda Sanqallee jedhamtu gaheera. muka guddaa dirree bicuu tokkorra dhaabbatee jiru asiin achi mildhate. Gara mukichaattis imale. Akkuma achi gaheen mukicha jala quph! Jedhee Aansiifiin dugda isaarraa buufatee" ... uuuuffffff" jedhee afuura dheeraa tokko gadi baafate.

Aansiifiis beeloftee waan jirtuuf guungumuutti kaate. "uuffff ana haa nyaatu kichuu koo xanneen na jalaa si dhoofta mitii!? Obsi kaa maaloo" jedhee itti haasawa akka waan isheen isa dhageessuu. Qunnuseen beelli itti hammaateera fakkaataa, iyyitee boo'uutti teesse. "waaqa koo maaloo maaluman si godhee garaa natti jabaatta? "jedhee waaqatti booye Naaniin.Aansiif iyya ishee dhaabuuhin dandeenye. Akka dur Harmeen isaa jettee sossobdu jennaanis inuma didde. Yeroo

Kana Naaniin furmaata dhabee isheedhuma waliin "uuu maaloo Harmee koo! Abbaa koo! Isinis na gattanii Qunnuseen koos na gatuufiim uuu" jedhee boo'uutti ka'e. imimmaaniifi furriin fuula Qunnusee bacaqii gannaa fakkassee waan jiruuf qarqara bullukkoo harmee isaa qabee irraa haxaawuuf yoo jedhu, waan guduunfamee jiru tokko arge. Baayyee naheera. Waan dubbatus wallaale. Qaqqabateeyoo ilaalu Amartii mormaa Harmee isaa ta'uu hubate. Akka amrtii kana argateen sammuu isaatti gaddaaf gammachuu wal maketu itti dhaga'ame. Amartii haadhasaa kana gurguruun itti ulfaatee; akka waan imaanaa haadha isaa nyaachaa jiru itti fakkaate. Garuu sababa ittin obboleettii isaa ishee lubbuun jirtu ittin oolfachuu qabu kanuma duwwaa waan ta'eef gurguruuf dirqame. Aansiif shillim! Jennaan achuma muka jala ciibsee akka namni hin argineef baala mukichaa ciree irra naqee gara namni tuuta'ee jirutti lafa qabe. Namicha diimaa gabaabbinaan lafatti dhiyoo jiru tokko arginaan "Obboo!" jedhe Naanbooniin miira sodaatiin. "anaan jettaayii?" jedhee ofirra garagalee ilaale namtichi. Naaniiniis " e. ee." jechaa amartii harkatti baatee jiru itti agarsiise. "maal godhu? Gurgurachuufii?" jedheen namtichi." eeyyeen narraa bitaamee?" jedheen ... namtichis daa'ima ta'uu isaa

hubannaan "maal kun bushaa dhaam qarshiin kanarraa argattu maal si fayyaddi? "jedheegoyyoomsuuf yaale. Naaniiniis naheet "maarree fudhadhaatii qarshuma xinnoollee naaf kennaa maaloo!?" jedhee kadhateen. Namtichis goyyomsuu isaatti gammadee, Amartii qarshii dhibba shanii ol baasu fuula waaqaa dura dhaabbatee qarshii kudhaniin irraa bitate. YAA NAMAA! Naaniin kana argachuu isaattuu gammachuun machaa'era. Naanbooniin gara Dukkaana/suuqii/ naannoo sana jiruutti kaatee Daabboo qarshii shan shaniin biteefii gammachuun gara Aansiifitti deebi'e.

Aansiifiin hirribarra kaasuuf yeroo jedhu, " uuufff amma immoo maaliinan Qiixxaa kana laaffisee afaan kaa'a ga? Maal qaba osoo biyya koo jiraadhee? Burqaadhuma lafaa burqitullee hin dhabuun ture. Maal naaf wayya ga?"jedhee asiif achi ilaalee mana citaa wayii gamasitti arge. Achi dhaqee bishaan kadhachuuf yaade. gara Manittiitti kaatee mooraa jala gagarmaame. Manittii keessaa Jaartiin takka gadi baatee tasa mooraa jalatti Naaniidhaan argite. Harka ishee mirgaa dugda isheerra keewwattee isa bitaa immoo addarra keessee hihhixattee ilaalte." afachu! Yee gurbaa maal fuuta mooraa koo jalaa? Hirphashiin maal qabdi jetteeti adaraa? Huhuhuyiii! Jeette ilkaan dhumaa lama ishuma hafteen kofa itti

qasaatee. Mee ani homaa hin qabu. achi narraa deem adaraa" jetteen akka waan Naanbooniin ishee saamuuf dhufe itti fakkannaan. Naanbooniin deebii tokko malee ittuma sissiqeetu " bi..bishaan naaf qicaamee nan dheeboodhee?" jedhee gaafate. of sossodaachaa.

Dur Harmeen isaa yeroo lubbuun jirtutti kara adeemaan bishaan yoo gaafate Annan obaastee nyaata laattiif ture. Naanbooniinis kana keessa isaatti yaaduu hin oolleJaartattiinis buqqee cabaa tokkotti bishaan qiccee itti gadi baatee "yaa ilmakoo dur akkana hin turre gaafa kaloo dheechifannu. "Kara deemaa qabnee Annaan Obaafna. maal goonaree baratu jijjirame mee narkaa qabadhu bishaan kee."Jetteen ofitti aadaa. Naaniiniis harkaa fudhatee gara Aansiifitti yeroo deemuuf ka'u " ehee! buqqee koo fuutee eessa deemuufi?" dheekkamsuun gaafatte Jaartittiin. "isiniifani fida. Obboleettin koo kuunnoo muka gamasii sana jala jirti isheefan geessa" jechaa qubaan bakka obboleettiin isaa jirtu itti agarsiisaa.

Akka bubbee bubbisaa obboleetti isaan biraan ga'uuf yeroonni aggaamu. " dafigaa na jalaan tursiin" jettee akeekkachifte jaartiinis .Innis fiigichaan gara Aansiifitti qajeelee alaalarraa yoo ilaalu baallii inni isheerra naqe gargar faffaca'ee jira.

Waan isaa wallaalee ariitii miila isaa dabalee yeroo achi gahu, nama miti gaaddidduun namaa achin jiru. Bishaan baatee jiru lafaan dhabee ofiifiis mataan lafa waraane kufe."Chophxoorratti Fanxoo!" jedhu warri keenya. Eessa buute jedhamakaa amma bineensatu fudhatemoo namatu fudhate? waaqa moo laftu fudhate laata? Jedhee iyyee caraane qofaa isaa.

Naaniin gaggabee achumatti hafee. " ohoo! Yaa ijoollee si'anaa mee anafaa goyyomsaa? Kan buqqee koo fudhatee achiin hafu? Afachu! Ammaan si argadha mitii?" jechaa ofumatti guungumaa gara muka Naanbooniinitti argisiisetti tiratti. Yeroo achi geessu isheenuu naasuun kufuuf kaate.01 qabde, gadi qabde, baala cirtee itt afarsite. Dadhabnaan human maanguddummaa hin jirre kanaan gara godoo isheetti kaattee bishaan fiddee itti nannaqxe. Naaniin xiqqoo akka of beekuu taanaan dugdarra kaawwattee gitintiraadhuma gara mana isheetti ol galfatte. Bakka isheen ciibsitee ol jedhee dinqa jaartittii ija isaatiin to'ate.

"eessan jiraa? Qunnuseen koohoo? Eessa jirtii?" jedhe. Yoo kana jaartiin bakkeedhaa ol kaattee dhufte. Naaanbooniin yeroo ishee argu ol utaaalee " Aansiif eessa jirtii?" jedheen." gurbaan

maal jedhaa jarana? Aansiif eenyudhaa? Kam isheen?" jette waan isaa wallaaltee. Innis yeruma sana utaalee balbala bahee mukicha jala yoo ilaalu ammas akkuma duraa ta'e. as kaate, achi kaate. As utaale achi utaalee barbaaduufis yaale. Eessayyuu argachuu hin dandeenyeJaartittiin waan Naanboonii jechaa jiru galuufii haa dhiisu malee isuma duukaa akka maraatu taati. "maaloo ilmoo koo maa na dhiphista? Waan taate nattin himtuu? Aansiif kamimmoo?" Jaartittii turte. Naanbooniin maraachuuf sadarkaa dhumaarra gahee jira.

"obboleettii kootikaa! Qunnusee koo! Uuu yaa waaqayyo maal si yakkeen kophaatti na hambiste laata?" jechaa harka isaa lameeniin of mommocoorutti ka'e. jilbebbiin lafarra foqoqee iyye. Homaa fiduu hin dandeenyeJaartiittin ammas irra deebitee gaafachuuf yaalte. Innis waan isa mudate jalqabarraa kaasee hanga dhumaatti itti seenesse. Isheen is waan ta'e hundattuu baayyee gadditee imimmaniifuu dhaggeeffachuu dadhabdeetti. "maal siif godhu mucaa koo? Anis harka qalleettiidhaa. Atis daa'ima kana. Bara kana immoo kanuma humnaaf qabeenya qabutu nama mo'ataa, silaallee osoon humna qabaadhee siifan barbaachisan ture. amma garuu homaa siif gochuun danda'u. waaqatu hunda na dhoowwatee silaa maalin godha? A'aaaa yaa dhaba ofii" jechaa imimmaan

ofirra kolol! Gochaa.Naaniiniis waan dubbatu wallaalee callisuu filate. Silas maal dubbataa waan waaqarra dhufe LEEL! Jedhee fudhachuu malee.

Jaartittiin "fira hin qabdanii?" jettee gaafatteen. "fira jettanii?"Akka seeqqachuu ta'aa. "fira baayyee qabna garuu erga gaafa araddaa keenya gadi dhiifnee baanee namni eessa jirtu laata jedhee nu barbaade hin jiru. Kan nama dhibuufi kan yoomuu sammuu koo keessaa hin baanee, garaacha waddee marummaan koo waxale maal seetan? Haadha koofi abbaa koo firri ykn namni boo'eefii awwaale hin jiru. Anaafi Qunnusee koo qofaatu awwaallate. A,aaa namni moo? " jechaa imimmaan ofirra harcaasaa harka isaa lamaaniin mataa isaa qabatee hinqirfatee booye. Jaartiittiinis baayyee gadditee "dhiisigaa hin booyiinii, sammuu keef sirrii miti waan hin taanerra buutaa " jettee mataa isaa ofitti qabdee rirriitteefii jajjabeessuuf yaalte. Jaartittiin beelawuu isaa beektee waan kennituuf yaaduu eegalte.

Yeroo kana lafti gara dhihaatti sigigaatee dimismisni bu'eera. As yaaddee achi yaaddee waan kennituuf dhabde. teessees waliin gadduu jalqabde. Akka tasaa yeroo dinqa keessa ol ilaaltu, guduunfaa Pilaastika Keelloon

guduunfamee boolla hantuutaatti gad harkifamee jiru takka argite. battalumatti kaatee harka ishee boollochatti ruuqxee as baafattee yeroo ilaaltu, Qamadii bicuu wayiiti. Isheenis gammaddee gundoo fannisaa isheetirraa gadi buufattee Qamadittii irratti naqxee naannessa fi biyyoo keessaa daddarbuutti kaate.

Midhaanittiin abootee tokkorra waan hin jirreef dafttee qulleessite. Ibidda Kobootaan ukkaamsitee turte daaraa asiif achi irraa saaqxee afuuftee erga qabsiifatteen booda, eelee sibiilaa dulloomtee of dadhabde, yoo ilaalan gingilchaa fakkaattu takka irratti naqattee akaawuutti teesse. Naanbooniin waanta isheen gootu harka isaa lamaanii boquu isaa utubee taa'ee hordofaan. Jaartittiin akaayittii XAXAX! Gootee gundoo duraanii irratti naqxee jala qabdee "nyaadhu mucaa koo kanuman qabaa. Naaf argi jiruu koo." Jettee itti hiixatte. Naaniin erga midhaan nyaatee guyyaa tokko oleera garuu waanti fedhii midhaanii jedhamu keessa hin jiru. Haa ta'uyyuu malee ifaajee Jaartittii ilaalee qicatee afaanitti naqee qoroxxomuu eegale.

Jaartittiinis waan nyaaticha osoo hin tuffatiin nyaatteef baayyee gammaddee bishaan fiddeefii walumaan taa' anii

Aakawwitti nyaatni bishaan isaaniis dhuganii ibidda isaanii bukkee bu'anii qaqqaammachuutti ka'an. Yerichii waarii ta'eera. Aadde Hirphashiin akkas jettee haasaa jalqabde "yaa ilma koo waa'ee jiruuf jireenya kootii atuu argitee waanuman sitti himu hin qabuu. osoo akka seera uumaatiif umurii kiyya kanaan ciiseen sooramuu qaban ture. Garuu maal godhu? waaqni jedhu malee hin ta'uu. humankoo kanaan Araqee ykn Farsoo baasee daldalee jiraachuu hin danda'u. humnas qabaadhee qoraan falaxee; gurguradhee buluu hin danda'u. Uhuuuu! A'aaa! Silaa ijoolleen koo inuma na soorti turee maal godhuree bineensa guyyaa deemutu narraa funaannatee... " Jaartittii turte. "naaf hin galle akkam? ... isin ijoollee qabdu ture moo?" jedhee gaafachaa mormaan ol jedhee ija jaartii keessa ilaalaa... " *ee dhala koo! Ijoollee laman daheAbbaan ijoollee tiyyaa daa'imummaatti bara 1997tti yeroo barattoonni qabsoo finiinsanii jeequmsi babaldhate sana jiraa isaa ba'ee reeffi isaa qe 'eetti naaf dhufe.*

Ijoolleen koo/anis dahoofgaachana dhabnee goodaatti hafne. Yeroo Abbaan warraa koo jiru asiif achi kaatee waan ittiin jiraannu nuuffida. Animmoo jiruu mana keessaa hojjechuun wal utubneejiraanna ture.inni erga boqotee garuu hojiin alaaf

manaa narratti roobee caame.isaanis guddisuuf tokko jedheen bu'aa ba'ii jireenyaas eegale. Haraqee baasuu, guyyaa gahaan jiru immoo qoraan funaanee Hoteelootaafi manneen dhuunfaaf dhiyeessaa, guyyaa kaan immoo mana namaatii buddeena tolchaa, huccuu namaas miiccaa, ifannaafi qoccolaa nama meeqaa danda 'een bifa lama baasee, kufees ka'een isaan guddifachuutti fufe.

Yeroon isaanii barnootaaf geenyaanis mana barnoota galfadhe. Mucaan koo inni hangafaa Biqilaa jedhama inni quxusuun immoo Eebbisaa jedhama. Waggaa lamaanin walirratti dahe .haala gaariinis barnoota isaanii barachuu itti naaf fufan.Haalli du'uu abbaa isaanii garuu yeroo mara mataa isaanii dhukkubsa. Barnootattis ciccimoodha. Icciiitiin cimtna isaanii kun immoo haaloo abbaa isaanii bahuufidha Haaluma kanaan osoo jirruu Biqilaan kutaa 12ffaa gahe Eebboon ammo kutaa 10ffaa gale Ani waa mara dhabee isaaniif jiraadhuyyuu sadarkaa kanarra naaf ga'uu isaaniitiif baayyeen gammada ture.

Barnoota isaanii mana barumsaa sadarkaa 2ffaa fi qophaa'inaa Ambootti argamu m/b Carii jedhamutti hordofaa osuma jiranii dubbiin tokko deebitee kaate. Waa'ee lafa

oromiyaa naannawaa Finfinneettii argamtu federaalii jala galchuu "maaster pilaanii" moo maal jedhuyyu sifa? Ee! Innumti dhufe. Oromiyaa hunda keessatti mormiifiniine Asuma magaalaa keenya keessattis jeequmsi hammaate. Yeruma kana Biqilafi Eebboon koo m/b oolanii falmiitti bahan. Kanuma keessa qarshiin ani qoraan baadhee, dafqa koo xuruursee misoomaaf kafalaa bahe rasaasa bitee mucaa koo quxusuu kichuu kana narraa dhangalaasaan. A'aaa! "qaaraa harkaan dhaabanii booddeen ishee nama gubdi" jedhan mitiiree?

Eebboo koo galaafatanii Biqiilaadhaan immoo fuudhaanii gara najalaa balleessani.barii nagaa manaa baaseen galgala tokkittiisheeyyuu dhabe. Reeffa Eebboo ijoolleen daree isaa bo'aa boochisaa qe'eetti naaf fidan. Biqilaa immoo konkoolaataa keessatti harkaaf miila hidhanii fuudhanii akka deemanis naaf himan. Nan boo'e! maraachuuf waanti natti hafes hin jiru. Garuu homaa fiduu hin dandeenye. Abbaa manaa koo, fi ilmooleen koo isheewwan akka mucha re'ee na gatanii sokkan. Kan dur ijoollee koon naaf darba jedhee gidiraa dachee kanaa baadhee jiraachaa ture amma abdiin sun coologdee guyyaan natti dukkanaa'e. humni koos dhumteetti.

Akka dur hojjadhee of jiraachisuun dadhabe. Kanaaf Bataskaanaajala taa'ee kadhachuu eegale. Akkana jiruun koo yaa Naanboonii. Atimmoo daa'ima, yoo mana namaatti illee galte tiksee namaa taatee jiraachuu nii dandeessa.kanaaf na ilaalii jajjabaadhu! Abdiin kutiin" haasaan jaartittii martuu imimmaaniin kan dabaalame dha. Naanbooniinis waanti Jaartittiin itti himte Abdii fi kutannoo keessatti biqilche. hardhaan booddees waa'ee maatii isaa dhiisee, jireenya isaatti deebi'ee guddatee haaloo jaartittis ta'ee kan maatii isaa bahachuuf murteesse. " homaa miti jajjabaadhaa! Biqilaaniis guyyaa tokko as buuteen isaa muldhachuu hin ooluu obsaa!" jedhe Naanbooniin. " boo! ilma koo isallee dhiisi. ani kana booddee abdii maaliin qabaa mitii, isin warra dhalataa haaraa kanaafan yaadda'a malee naaf kan hafu du'a qofaadha.

Garuu ..kan na gaddisiisu maal seete? Osoon asitti du'ee namni reeffa koo baasee na awwaalu hin jiru. Bakkanumatti tortoreen. mixiin na sooratti malee... " jette Aayyoon imimmaan dullumaa ofirra harcaastee. *Naaniinis baayyee gaddee, gadda isaa gaddaan hirraanfate.* Osuma kanaan jiranii halkan walqixxee ta'ee hirribnis gadi harkifachuu eegalte. Jaartittiinis kaatee madabii dhoqqeefii mukarraa abbaan warraa ishee ijaareef takka irraa biyyoo hahaxooftee itillee dulloomaa wayii

irra hafteefii Naaniidhaan raffifattee, ofii isheef ammo huccuu, huccuudha jechuuf nama rakkiftu takka funyanirra buufattee shillim! Jette.

Laftis bariitee Simbirri wacuuttii yeroo eegaltu lafaa ol kaatee Naanboonii manumatti gattee GaraBataskaanaa deemtee kadhachuutti kaate. "Sila Maariyaam... sila Garbeel...." ..Aadaraa Maaramii ykn Adaraa Garbeelii jechuu ishee ture.Afaan oromoon hiikaa isaa wallaaltee osoo hin taane afaan Oromootiin kadhachuun hawaasa biratti waan hin baramneefidha.Isheeniis Qiixxaa maxinoo lamaafii qarshii shan argannaan osoo Naaniin hirribaa hin ka'iin dafteemanaatti deebite. Naanboonii hirribarraa kaaftee qiixxichas walumaan nyaatanii "ilma koo! Ati na waliin haala kanaan rakkattee akka jiraattu hin fedhu. Takkaa nyaachaa takkaa immoo agabuu kee na waliin hiraarfamuu hin qabdu. Kanaaf gara Magaalaa Finfinnee hojiin humnaa waan hin dhabamneef achi osoo deemtee manuma namaallee jiraattee siif wayya. Osoo na bira teessee si guddifadhee bakka Biqilaa koo ykn bakka Eebboo koo si buufadhee nan gammadan ture. garuu maal godharee akka garaa hin ta'uuum A'AAA!" jetteen Aayyoon sagalee gaddaan.

Naaniiniis yaada isheerratti waan waliif gale fakkaata. "garuu bar qarshiin ittin" Jedhe Naanbooniin osoo hin xumuriin. "isaaf hin dhiphatiin namarraan siif barbaadaa, AmborraaFinfinneen qarshii 50 natti fakkaata. "jetteen. "tole ulfaadhaa!" jedhee. Naaniitti yaaddoon tokko dhalatte. Innis dhibee Afaaniiti." Uuuuff yaa waaq! Silaa Finfinnee keessatti namni afaan oromoo haasawu hin jiru. Animmoo afaan oromoo malee osoo Amaariffaan 'GURRA KEE SIRRAA KUNNA' osoo naan jedhanii waayyuu hin dhagahu. Yaa rabbi maal naaf wayyakaa?"jedhee ofumatti guungume. Haa ta'u malee taa'ee Jaartii dadhabduu kanatti ba'aa ta'uurra deemee kan hiree isaa arguu akka isaaf wayyus murteesse.

"mucaa koo! asumatti na eegi deemeen qarshittii siif barbaadaatii" Jaartitii turte. Naanbooniinis " tole! Muka sana jala taa'een isin eegaa" jedheenii gara mukichaatti Qajeele. Akkuma achi gaheen mukicha jala jilbeeffatee ciqilee isaa lamaaniin lafa qabatee

"Qunnusee koo ... nagaan siif dhaamuun dhufe. Nagaan obbolummaa, nagaan isa gadameessa tokkoo baanee ... lubbuun jiraattus. Jiraachuu baattuus.Sareen si fudhatus namni si fudhatus.Yoo lubbuun jiraatteef yoomillee nagaan naaf jiraadhu.Hamaan sin mudatiin. Akka sibiilatti naaf

jabaadhu. Ifannaan ormaa sin quucarsiinJaalalli abbaaf haadhaa...jaalalli oboleessaa sittin hin hirdhatiin, naaf guddadhu. aniif ati kanaan booddee wal hin arginu. Nagaa naaf ta'i akkaataan siin adda bahuu koo sammuu koo keessaa hin badu kichuu koo!... harmee koo! Deessee koo! Abbaa koo! Kafana koo! Gara laafolii koo warra amma garaa natti jabaattan, waaqni biyyee isinitti haa salphisu. Boolla keessan daadhiin haa guutu. Egaa kanarra wal hin arginuu jennatan isiiniif hawwa. isin garaa natti jabaattan iyyuu waaqni koo garaa nattin jaabaatu. Isin dugda natti galtanis uumaan dugda nati hin galu. Jedhaa gaa nagaatti..." jedhee imimmaaniin fuula of miiccaa boo'ee hinqirfate.

Yerosuma Jaartittiin qarshichaafii Maxinoo cabduu tokko pilaastika keessa keesseefii dhufte. Fuula isaa yoo ilaaltu fuullis ijjis itti dhiita'eera." gurbaa maaltu si boochisa? Ati bar dargaggeessaam anuu nan jiraadha mitii namas humnsa kanan hin qabne! Eeee! Kanarrallee hin baayyisiin!" jettee itti dheekkamte. Naaniiniis deebii afaanii malee morma raasee fudhachuu isaa itti hime. Jaartittiinis harkashee mirgaa gateettii isaarra keessee eebbisuuf kaate ...

" oofkali ! Ofkali ! Karaa nagaa deemi
Gufuun sindhahiin
Karaan kee dugda lukkuu siif haa ta'u
Waraabessa jarjararra aani
Hamtuun sin argiin gaariin sin darbiin
Afaan namaa beeki! Afaan kee haa beekan!

Milkaa'l milkaa'i!... Naanbooniin harka isaa lamaan diriirsee "leeeel
...leeeel" jedhee eebba isaa harkaa fudhate. Walitti maramanii walitti
boo'an. Jaartiittiin bobaa ishee jala buufattee gara buufata
konkolaataa magaalaa Amboottii argammuutti imala eegalan.
Akkuma mooraa seenaniin gargaaraan miniibaasii "Addisaabaa
...addisaabaa.." jedhu keessa olseensistee boquu isaa dhungattee
karaa foodda konkolaataa harka walitti raasu. Naanbooniins
imimmaan ija calaleera jaartittiinis sanuma. Osooo garaan hin
jaalatiin karaan adda isaan baafte. Konkolaatattiins imala ishee
eegalte.

Konkolaatattiin magaalaa Ambootii kaatee ximbiriiraa imala ishee itti fufte. Namoonni konkolaatittii keessa jiran martuu afaan inni hin dhageenyeen xaaxa'uutti jalqaban. Naanbooniis lafuma jala dhiphinni moora garaa ure.waanuma waa'ee isaa kaasanii ciratan itti fakkaate.Inumaa yeroo isaan kolfanii walitti iyyan aariidhaan of wallaale.osuma kanaan jiruu Olaankomii gahan. Yeroo kana gargaaraan konkolaatichaa "...eee jalasee hisaab duk argaa?"Naanbooniin waanti gurbichi jedhe galuufii dinnaan callisee ija keessa ilaalee hafe. "herreega as kenni" jechuu isaa ture. Gargaartichiis rakkoo qarshii dhabuu itti fakkaatee harkaan itti hiixachaa "aamxaa a" jedheen. "fidikaa" jechuu isaati. Naaniiniis yeroo inni harka itti hiixatu qarshii akka gaafachaa jiru galeefii dafeeGiiphii isaa keessaa qarshii fuudhee itti hiixate. Gargaartichis harkaa fudhatee bira tare. Yeroo inni bira darbu Naanbooniin "uuufffffeeee anuma kanatu namaAmaariffa haasawu waliin waliif galee?" jedhee of ajaaybsiifachuu eegale. Osuma kanaan jiranii magaalota Asgorii, Giincii, Oolankomii, EjereefiHoolata walduraa duubaan kutanii Finfinnee naannoo 'Autobis Taraa'(Agamsaan) bahan. Konkolaatattiin imaltoota harcaastee Naaniinis akkuma imaltoota kaanii taaksittii

keessaa bu'ee dachee Finfinnee handhuura Oromiyaa qe'ee Tufa Munaa kan amma qe'ee warra Abbaa Xaahiyyeefaa yeroo jalqabaatiif ejjete.

Akkuma konkolaataa irraa bu'een addunyaan kun isatti galagalte. Waan takka gurraan dhaga'ee hin beekneef ijaan argee hin beekne Magaalaa Finfinnee keessatti arge. Walumaa galatti abjuu ta'ee garatti goru wallaalee dhaabbatee fajaje. Erga galaana yaadaa keessa lixee amma daaku daakee bishaan yaadaas amma dhugu dhugee , takka habbalaa takka seeggalaalee erga fiigee fiigee dadhabadhe. Sagalee Turunbaa makiinaa ol guddisee afuufu tokko yoo dhaga'u ol utaaalee lafarra guphane. Achii erga asiif achi duubaaf fuulduraa ilaalee booddee bakka Mucaa kophee qulqulleessu tokko ijaana argee. Xiqqoo achi taa'ee hamma ta'e taa'ee akkuma nama magaalaa keessa beekuutti deemsa jalqabe.

....6....

Naaniin yeroo magaalattii ilaaluu konkolaatooliin jiran loowwan abbaa isaa durii harka kudhan deebi'u. akkuma Jabbilootaa wal keessa burraaqu. Yeroo kana Naanii sammuu itti joonja'ee karaa asfaaltii irra dhaabbatee fajajee hafe. Konkolaataan huursaa bira geesseetti. Inni garuu narraa gorti jedhee eega. konkolaachisaan nahee phiiph! Phiiiph! Itti godhe. Yeroo kana Naaniin daddarbamee akka ta'etti jalaa ol gore. konkolaachisichis baayyee haaree "mn aynet deddeb new?" jedhee abaare deemsasaa itti fufe. Naanbooniin waanta namichi jedhe dhagehee ture "maal jedhammoo laata? Ani hin dhagahiin malee waan fedhe yoo jedhe maaltu na galcheree? Homaa!" jedhee Naanbooniin ofitti odeessaa... karaa asfaaltii irraas goree kan imaltoonni miilaa irra deeman qabatee adeemuutti ka'e. namni inni beekuu hin jiru. Manni inni beeku hin jiru. Karaan inni beekus hin jiru. Callisee adeemuu qofaadhaa. Agamsatti harka qalleeyyiin ni bayyatu. qaama miidhamtoonnis akkasuma. Naanbooniin yeroo kana ilaaluu gaaffiin cimaan tokko sammuu keessatti ummaame.." namatu hojjechuu dadhabeet akkasiin deegemoo Finfinneetu ofirratti nama hojjechiisuu dide laata? Safuu! Yaa Rabbi anis carraan koo kana taatii laata? "jehaa osumatti guungumaa deemsa isaa itti fufe...

Baayyiinni uummata bakkeesanaa gara hin qabu.Kuun hojiif kaata, kuun immoo warra hojjetee waa argaterraa saamuuf kaata .gariin ammo bashannanaaf... hunduu tooruma toora mataa isaarra imala.Namni garagaree wal ilaaluus hin jiru.Kan haasawamu Afaan Amaaraati.namumti akka tasaa Afaan Oromoo haasawu Naanboonii hin mudanne.Maal carraan xaxamaan akkasii? Naanbooniin ofitti haasawuu isaa hin dhiifne.. "Finfinneen naannoo kam jala jirti nuun jedheyyuu barsiisaan lammummaafii amala gaarii? Kan Oromiyaati nuun jedhe miti? eeyyeen! Maal isa qofaa handhuura Oromiyaatis nuun jedheera.Toolegaa erga akkas ta'ee meerre waanumti Oromummaa?Innuu yaa hafu afaanumti Oromiffaallee keessattin haasa'amuu? BOO! Edaa inni nu soba ture! Sobdichi kun!" jechaa ofitti guungumaa deema.

Guyyaa keessaa sa'a Torba ta'eera.Garaan isaa wacuutti ka'e.garaan isaa currr! Curuur! Jechuu eegallaan Maxinoo Aadde Hirphashiin pilaastikaan martee kenniteef uka isaa keessaa gadi fudhatee waan irra taa'u barbaaddachuu jalqabe .Halaalatti dhagaa wayii ilaallate. Dhagicharraa sooftii mammarama kaartoonii keessatti guutame tokkodu jira. Namni garuu bira hin jiru. "namni silaa bira hin jiruu gataniitu ta'uu hin oolu" jedhee kaartoonicha irraa gadi darbatee sooftittis bibittinsee dhagaa isaarra quph! Jedhee qiixxaa isaa cuffachuutti taa'e.yeruma kana gurbaa gurraacha fuulli isaa momoccooramaa,huccuun isaa bututtuu

jedhamuu baatus binxamuu eegalera. kopheen isaa gosa addaa addaadha.uumamni rifeensa mataa isaa gurraacha irraa gara diiminattii jijjiramera. Walumaa galatti argaaf nama sodaachisu kun akkuma bubblee miira aariin guutamee huursaa Naanii bira gahe. Abbaa sooftichaati ture.Yoo lafa ilaalu sooftiin isaa kuun 'faffaca'ee jira.Gariin ammo bubbleen balleesseera. Gurbichis baayyee aaree harka isaa lameeniin mataa isaa mommoccooraa "antee lemn abbaah nw sooftuun ye betatenkeew?" jechaa ija isaa araadni diddiimessite itti baabase. "maal abbaa kee sooftii bittinsite?" jechuu isaati. Naanbooniin baayyee sodaatee qaamni isaa hurgufame. dhibeen isaa silaa dhibee afaaniitii ammas waanta namtichi jedheen galuufii dide. Jechoota namtichi dubbate keessa kan inni dhagahe 'softii' kan jedhu qofaa waan ta'eef waa'ee sooftichaaf itti lolaa akka jiru hubate. Garuu maal jedhee haa deebisuufree?"Jiruu deegaa jiruu seetaa? Raafuu fixee rafuu dide!" jedhu warri Oromoo! Naanbooniinis callisee ilaaluu filate. Gochi Naanboonii gurbicha inumaa daran aarseera. harka isaa shaakarraa'aa kana fuudhee fuulatti maxxanse.

Naanbooniin duruu diimaadhaa barruun harka gurbichaa chaappaa fakkaatee fuularratti hafe." maal godhi naan jetta? Sooftiin kee gatameera jedheen gadi naqe malee beekeenii?"jedhee imimmaan harcaasaa afaanuma beekuun itti dubbate. Yoo kana gurbaan "chirraash tesedbagnalh endee?"

jechaa dhiitichoof kaballaa daddabalee obaase.Naanbooniinis ta'ee gurbichi kanuma mataa mataa isaaniit haasa'u.namni waldhagahus hin jiru. Lameenuu innuma walitti iyyu.Naanbooniin A/Oromoon gurbaan A/Amaraan. Yoo kanNaanbooniitti reebichi hammaatee jennaan iyya kutee gadi dhiise. Namoota jajjaboo ta'uu baatanis warreenumti achii dalagaa xixiqqoo hojjetan birmatanii itti marsan.Irraa dhorkuufis yaalan.

"uuuuu haadha koo haadhakoo uuu maaloo ani du'e" jedhee iyya Naaniin garuu dhageettii tokko hin qabu. Dhageettii namaa yoo dhabe dhageettii waaqaa dhabaaree?Eebbi Aadde Hirphashiihoo yoom gaheefree? Kan isheen " afaan namaa beeki kees yaa beekan!"Jetteen sunoo?Meerreree?Moo waaqatu hin jiru laa? Isa isinumaafan dhiisa.....turtii muraasan booda Naanbooniin iyya isaa jabeesse.Namaa wayiiti.Ajab! yaa miidhaginaa! Isa ilaalanii lafa ilaaluun nama rakkisa. Magaala funyaan konkonaa.Iji isaa urjii fakkaata.Kan dhaabbii isaa dubbaachuuf rakkoodha, shimala gaafa faccee qabatanii ba'an fakkaata.Xiqqoo rifeensaa isaatu asfaaltii isa biyya keenyaa osoo hin taane isa warra Ameerikaa sana fakkata. Boo! Kan rifeensa isaallee nan raajne! Maaliif seetan?Jiruun biyya xoophiyaa guyyaatti hundee rifeensaa tokko buqqisee waggaattii moluu gochuun isaa hin oolu. Kanaaf an namtichatti hin murteessu. Kan

nama dhibummoo konkolaataan isaa miidhaginaan isumaan dorgomuu kajeeltiim. Bishaan lagaa fakkaatti. Namtichi kun iyya Naanboonii dhagahe fakkaata. Konkolaataa isaa dhaabee gara Naanbooniifaatti achi sissiqee dhaggeeffachuufis yaale. Sagalee "haadha koo! Maaloo!" jedhus dhagahee "mindeneew?Zoor baluu istii ! "jedhee warren itti marsanii jiran asiif achi ari'e."maalmaal taate gurbaa?" namticha ture.

Naanbooniin abjuu keessa waan sagalicha dhagahe itti fakkaate. deebii tokko maleeNaaniin fiigee luka namichaatti maramee qabe.Nama afaan oromiffaa hasa'u argachuun Naaniif gammachuu guddaa ta'e.yaa hojii rabbii! Daqiiqota muraasa keessatti gaddiif boo'ichi yeroo kolfaaf gammachuutti jijjiramu nama ajaa'iba! Naaniinis waan ta'e jalqabaa kaasee hanga dhumaattii boo'ee, dhabuu bilisummaa afaan isaa luugamee ture futtaafatee itti himate. Namtichis gocha gurbichaatti baayyee aare. Qarshii sooftisaa funyaanitti darbeefii Naanboonii konkolaataa isaa keessa kaawwatee akkamitti akka as dhufe gaafachaa mana isaatti fudhatee Gale. Manni Namtichaa Finfinnee naannoo Birbirsaa Goorooti.Seenaa Naanboonii yeroo dhagahu baayyee gadde. Namtichi "Beekaa Boruu" jedhama. Baayyee sooreessas. Magaalaa Finfinnee keessaa mana jireenyaa sadarkaa isaa

eeggateefi miidhagaa qaba. Hoteela miidhagaa sadarkaa isaa eeggates Magaalaa Finfinnee Naannoo Caffee Araaraatii ni qaba. Walumaa galattii duuressa ofiirraa hafaadha.Garuu maal godharee?Waaqni kan hundumaa kenneefii dhaaltuu qabeenya isaa dhoowwate. Haadhi warraan isaas, innis maseenadha.Dhala godhachuu hin danda'an.Obbo Beekaan yeroo Naanboonii argatu baayyee gammade.Akka dhala isaattii kunuunfatee guddifachuufis murteesse.

Yeroo mana obbo Beekaa gahan Naanbooniin akka naasuu ta'e.manichi baayyee miidhaga. Haadhi warraa obbo Beekaa Aadde Ililliin yeroo Naanbooniinfaa ol seenan bakka teessuu kaatee "oww damma koo naaf dhuftee?" Jechaa kaatee itti maramtee dhungatte.Naanbooniis dhungattee. "eessaa nuuf fidde mucaa akkas bareedu?" Aadde Ilillii turte." waaqatu nuuf kenne kaa! Hin miidhaguu maaloo ?" jechaa itti seesseeqaa deebiseef obbo Beekaan. "ajab! Arganneetiiree" jechaa akka taa'aniif affeerteen.Naanbooniin taa'uu didee dhaabbatee hafe. "ihii! Taa'l malee Maal nii sodaattee?" obbo Beekaadha.Naanbooniin garuu sodaatee osoo hin taane; teessoo akka inni irra taa'uuf affeerame sanatu isa qaanfachiise. Inni kan irra taa'uu bare Madabii dhoqqeef mukarraa tolchame malee kan akkasii miti. kanaafidha kan inni dhaabbatee hafeef. Irra deddeebi' aanii itti dubbannaan osooma "nii xuraawaa laata?" jedhee dhiphatuu suuta jedhee irra

taa'e. Obbo Beekaan seenaa Naanii jalqabaa kaasee akkuma inni itti himetti Haadha warraa isatti sarare. Aadde Ililiinis baayyee gaddaa "abshir! nutuu akka dhala keenyaatti si kunuunfachaa si guddifannaa nu jalaa hin gaddiin." Jechaa Naaniidhaan ofitti qabdee dhungatte. Gammachuun Naanboonii daangaa dhabeera." tole! Anis akka Abbaafi Haadha kootiittaa isin ilaala."Jedheen. "yaa rabbi edaa ati waa lama nama hin miituu? "Naanbooniitu keessa isaatti ofiif ofitti odeessa. Waariinis dhiheera. Naanbooniif guddiftoonni isaa irbaata mi' aawaa waliin nyaatanii siree naanbooniin dhugaan mitii abjuun argeen beeknera raffisan.

Barii irribarraa kaasanii ciree erga laataniifiin booddee, Obbo Beekaan Naanboonii konkolaataa keessa kaawwatanii imala eegalan. bakka mana jireenyaa isaanii irraa gara Dukkaana \suuqii\tti. Naanbooniitti huccuu bituufi fakkata. akkuma Dukkaana bira gahaniin konkolaataa keessaa harca' anii Suuqichatti ol timan. Obbo Beekaan akkuma ol seeneen kofoo qallayyoo boca Qaaraa qabdu takka ol fuudhee gatii ishee gaafate. qarshii dhibba shan akka ta'e daldaaltichi itti hime.Naanbooniin manichaafi waantota manicha keessa jiran ilaalaa fajajee hafe." Manni waaqaa sun asii laata? Papa! Maal manni akkas miidhagu? "jechaa dinqisiifachuu irraan kan hafe waan dubbatu dhabe. Ammas Obbo Beekaan Kopheefi Jaakkeetta fuudhee namticha gurguru gaafatee walitti qarshii kuma lama

ta'uu isaa itti hime."Naanboonii? Ilaalladhu mee huccuun kun siif ta'aa ?kophichas ilaalladhu!" jedheen obbo Beekaan. Naanbooniinis "eeyyeen naaf ta'a. jaaladheeniiras ".Naanbooniin gatii huccuu fi kophee isaa dhagahuudhaaf hawwee jira.garuu akkamiin beekaree'Zsmaariffi silaa garamitti akka jallattu quba hin qabu. "uuffff maaloo? Akkamumattin gatii huccuu kanaa bara laata? Yoon gaafadheen maaltu si dhibe?! Jedhee na qaaneessuu mala. Maal wayya kaa?"jehaa osuma yaaduu malli ajaayibaa takka dhufteef' uufffeeee! Yeroodhuma inni qarshii itti kennuuf lakkaa'uu jalatti du'een eeggadha! Ee! Akkasuman godha." jehaa yaadicha argachuu isaattii gammaddee akka seequu ta'e.battalumatti Naanbooniin huccuufi kophee bitameef guuree korojootti naqate.Obbo beekaaniis qarshii hidhaa tokko Giphii isaanii keessaa gadi baasanii laakaa'uu eegalan.

Naaniinis akkuma duraan ofiin mari'atetti Obbo Beekaa waliin tokko lama jedhee lakkaa'uutti ka'e.Obbo Beekaan qarshii hedduu lakka'ee yeroo qarshii kuma sadi irra ga'u keessaa luqqisee abbaa Dukkaanichaa/suuqichaatti hiixate. "ohooo namichi maal godhaa? Konkolaataa moo huccuu naaf bite? "jedhee Naanbooniin akka burjaaja'uu ta'aa. Inni kan bare guyyaa Ayyaana Masqalaa waggaattii altokko qofaa innuu isaa Aansiifiif qarshii dhibbi lama kan ramadamuufidha. Innumtuu kan gabaa keessaa bitamu malee huccuun suuqiidhaa bitameefii

hin beeku. kanaafidha kan inni hedduu nahe. Amma galee kaawwatuttis hedduu roora'e."Naanii! Koottu haa deemnu?" obbo Beekaa turan. " iiJiJ tole!" jedhe Naaniin akka Nama hiribarraa wareeruu ta'aa. Beekaanis Naanboonii konkolaataa isaa karaa duubarra kaawwatee 'ISPOOKIYOO' isaa gara Naaniitti galagalche. Naanboonii ilaalaa waliin haasawuuf."Naanii waanti si barbaachisu maali?" jedheen Obbo Beekaan. Naaniinis" lakki homaayyu. Homaal!" jedhen. "waanti si barbaachisu mara natti himadhu.'just' akka Abbaakeetti na ilaalis" jedhan Obbo Beekaan.'TOLE' deebii Naanbooniiti. "sii Naanii?" jedhan Obbo Beekaan akka seequu ta'aa. "oo..oo" jedhe Naaniin waan Obbo Beekaan jechuuf ka'an dhaga'uuf qophaa'e.

Keekii si affeeruu?"jedhan obbo Beekaan. Osoo akka huccuu isaa uffatee ilaallachuuf jarjareetii silaa ni dida ture. garuu keekii waan jedhamu kana dhagahuu malee argee waan hin beeknef "eeyyeen natti tola" jedhe akka qaqaana'uu ta'aa. Obbo Beekaanis Kaaffee arginaan konkolaataa isaa naannessee gara kaaffititti siqee dhaabbate. Naaniidhaaf balbala konkolaatitii banee gara kaaffeetti ol seenanii teessoo gara alaatti aantee jirturra tataa'an. Keessummeessituun dhuftee harka ishee lamaan dugdarra kaawwattee, itti gadi jettee "min letazaz?" jetteen. "ajajadhu Naanii isa kam feeta?" jedhe Beekaan. Naaniin kan maqaalee keekii adda baasee beeku haa turuu ijumaanuu hardha

arguuf jedha. Silaa kan bilchina isaa ajaayiba. Dafee "kamtu jira?" jedhee gaafate. Obbo beekaan gaaffii Naanii keessummeessiitittiif dabarse. Isheeniis "black forest"Jettee yeruma isheen jalqabdu afaan jalatti · eegee "ee! Isuma naaf wayya" jedhe Naaniin.Naaniif black forest isaa malaan ajajate. Keekiin isaa dhufee. Ammammo dubbii biraa itti dhalatte."Akkamittin nyaadha kaa? Faldhaanan moo harkumaan itti qabu laata?"Naanbooniidha.ammam malli dhufee "yeroo inni nyaatuu ilaaleen nyaadha. Ee akkas wayya."Jedhe.Obbo Beekaaniis faldhaana isaanii tottolfatanii nyaanchuu eegalan. Naanbooniis jalumatti ilaalee nyaachuu eegale. Keekii isaanii nyaatanii gara manaatti ol deebi'an.

Raajiidha! Gidiraa fi gadadoon namaratti kuftus doozarri cimaan tokko guyyaa isa eeggatee duguugee namarraa kaasu edaa nii dhufa. Imimmaan dhanquun gadda sababeeffatee dhangala'us guyyootaaf daqiiqotaan booddee boo'icha kolfaatti nii jijjirama. Nama dhiba.... Naanbooniin maatii isaati obboleettii isaa sareef namni fudhachuu isaa hin beekne jireenya gaariin Golgamee dagateera! guddistoonni isaas dhala hawwaa turanNaanbooniidhaan bakka bufatanii, jireenya isaanii akka dammaa mi'aayu dhandhamaajiraachuu itti fufan.

...7...

Aansiif umurii daa'imummaa isheen Haadhaaf Abbaa ishee dhabde, warra Naanboonii jalaa ishee hatan biratti guddatte. Ummuriidhaan ijoollee Ganna kudhanii taateetti. Aansiif kan beektu guddiftoonni ishee haadhaafi abbaa ishee akka ta'anittidha. Maqaan isaan baasaniif BIQILTUU ture. Maqaan ishee Aansiif akka ta'e isheenis guddistoonni ishees hin beekan. warri ishee (guddiftoonni ishee) ijoollee lama qofa qabu ture. Aansiif waliin sadii. Araddaa isaanii keessattis sodaatamoo fi warra abbaa qabanyaa fi beekamoo turan. Mana keessatti hojjettuu hin qaban. Hojii mana keessaa mara kan hojjetu Aansiifidha. ijoolleen isaan horan lameenu ilmoo dhiiraa turan. Inni hangafaa kutaa 12ffaa yoo ta'u inni eegoon immoo kutaa 8ffaa barata. Aansiif garuu umuriin ishee barnootaaf haa ga'uu malee namni waa'ee barnootaa itti kaasuu hin turre. Kun immoo sammuu ishee keessatti gaaffii cimaa uume. Hojiin isheen hojjettu cirumaa kan umurii isheetiin wal argu miti. barii barraaqa waca simbiraa kaatee ciree maatii hundaaf qopheessuu, mooraa loowwaniifii Bushaayeen itti galan qulqulleessuu, yoo bishaan hin jirreef immoo Dambacaa Abbaa liitira Digamaan waraabdee dhiyeessuufi maatiin yeroo ciisichaa ka'an ciree laatteefii gara dalagaa isaaniitti geggeessuun hojii ishee barii barraaqa irraa hanga saatii

lamaatti isheen hojjettudha. Galgala galchaa horiittis tikseef nyaata kennitee irbaatafi bishaan miilaa hoo'istee, luka Obbo Yaadasaa fi Aadde Kumashii dhiqxee dhungattee raffisuunis hojjiidhuma Aansiifi. Guyyaa asiif achi kaattee waan dadhabaa ooltuuf dafttee rafti. Jireenyuma kanaan umuriin ishee dabalaa dhufe. Garuu hanga guyyaa kanaa "jarri kun maatii koo mitii laa?" jettee yaaddees shakkitees hin beektu. Erga umuriidhaan ijoollee ganna kudha afurii taateen booda garuu, daa'immaan naannoo ishee keessaa barnoota dhabuu, dalagaa humnaan oliitiin hiraarfamuu ishee yeroo yaaddu waa marti bitaa itti gale. "jarri kun warra kiyya mitii laata? Silaa osoon mucaa isaanii ta'ee maaliif nan barsiifatan? Maalifimmoo haalasiin hojii natti bayyisu?" jettee shakkuu eegalte. Osoo yaaddoo kanaan jirtuu .waa'een tiksee isaanii yaaddoo cimaa itti ta'eera. Yeroo qoraan cabsitu, yoo bishaan buutu, yeroo gabaa deemtu, Firrisaan duuba isheetii hin dhabamu. Jechoota kashalabbeefii hamilee ishee tuqan dubbachuun qoccoluufis nii yaala. Kun keessa isheetti ciniinsuu cimaa ta'e. akkuma baretti Firrisaa tiksichi yeroo Aansiif manaa baatee qoraan cabsuuf bosona rukaataa araddaa isaanii jiru tokko deemtu, duukaa bu'ee walumaan bosona lixe. Aansiif wadaroo ishee muka jalatti darbitee harka ishee bitaa dugadarra kaawwattee harka isa mirgaan qoraan funaanuuf gadi jettee. Firrisaan karaa dubaa

dhufee sarbaa ishee qimmiiddan ol kaase. "uu wayyoo haadhaa koo!" jettee naasuun bishaan taate. Ofirra galagaltee yoo ilaalaaltu Firrisaa tiksee dhuma isaaniiti."maal gochuu dhufte na duuba? Maal barbaadda?" jechaa itti iyyite Aansiif. "hahaha maal mirga hin qabu moo?" jechaa itti qoose Firrisaan... "amma narraa deemi Yoo didde ammo galeen abbaatti siif himaa" quba ishee itti qiyyaafttee akka doorsiisuu goote. Firrisaan garuu seenaa dhufaatii Aansiif tolchee waan bekuuf sodaachuu mitii doorsisa ishee hanga xurii qeensa isaatti hin ilaalle." maaloo itti hin himiin? Maaloo hhhahha" jedhee itti kolfee, inumaa keessa ishee wade. Ittima sissiqee harka isaa lamaanii harka ishee jabeessee qabee gara Laaftoo guddaa tokkotti achi harkifachuu jalqabe. "maal gochaa jirta Firrisaa? Narraa nyaatteet na nyaattaa? Uu,,,uuu" maaloo na dhiisi" jettee Aansiif boo'aa." CALLISI! Hawwiikoo bara meeqaa hardhan bahadha eehhh hahaha" jechaa yeroo isheen harkaa bahuuf wixxirfattu harka isaa shaakara'aa shiboo ittin meeshaa dhiqan fakkaatu sana fuudhee fuulati hadooche. Waan ta'aa jiru hunda hiriyaan Aansiif Biliseen dhokattee to'achaa jirti. Mala ittiin Aansiif baraaruu dandeessu argatte.Wadaroo Aansiif duraan muka jalatti darbite suutaan fuutee wadarichas darbitee kokkee Firrisaatti dhahattee, Aansiifis baraaramuu ishee gaafa bartu humna horatte.Firrisaa

achumatti Kuffisanii lama ta'anii Aansiifii fi Biliseen Dhukkee irraa kaasan. Aansiif faa Firrisaa baraaruu hin feene. Bakka inni ciisee jirutti dhidhiitan. Firrisaanis akka jarri kutataniif baree jennaan bakka kufee jiruu ka'ee baqachuuf yaale. Akkuma ta'etti jalaa bahee fiigichaan achii bade. Biliseenfaas Wadaroo isaanii fudhatanii bakkasii sokkan. Takka siqanii Muka guddaa jalli isaa marga lalisaan huwwifame argannaan jala tata'anii baasaa jalqaban.

Aansiif oolmaa hiriyaan ishee oolteefitti baayyee gammaddee boo'icha gammachuu booyaa Biliseetti maramte." Biloo koo ulfaadhu! Oolmaa kana hin jedhamne naaf oolte. Hardha qofaa miti bar yeroo maradha kan inni na hordofu. Hardhallee karaa cabe haa yaasu malee inuman himadha AABBOO fatti" jette Aansiif aariin guutamtee. Yaadi Aansiif kaafta kun Biliseef hin liqimfamne. Sababiini isaas Biliseen Aansiifirra umuriidhaan bilchaattudha. Aansiif Kan Obbo Yaaddessaafaa akka hin taanes nii beekti. Yoo Aansiif himattes fudhatama akka hin qabne tolchiite beekti. Kanaafidha Firrisaa himachuun ishee kan hin liqimfamneef. "lakki dhiisi! lammaffaa yoo sitti deebi'e himattaatii" jette Biliseen. Sababni Biliseen akkana jetteef Aansiifiif ifa ta'uu haa baatu malee... " tole!" jettee fudhatteeti." ani kanin jedhu Billoo?"

Maaliifii Obboonfaa kan na barsiifachuu didaniif? Moo anaaf barumsi hin barbaachisuu?" gaaffii Aansiif ture. Biloonis deebii tokko malee.Callisaan liqimfamtee hafte.Ammas Aansiif dabaltee "kanarratti immoo akka dhala isaaniitti na hin ilaalan. Kunuunsi naaf godhamu tokko hin jiru.Biloo? Dur irraa kaastee nii beekta hojjaa akkamiin ani hojjedhu. isumaanuu yoon dhukkubsadhe hangan of dadhabee burkutaa'utti namni mana yaalaa illee na geesu hin jiru. Maaliif Laata Biloo? Maaloo deebiin sirraa fedha?" jechaa imimmaan harcaaste. Biliseen waan jiru mara waan beektuuf ammaas deebii kennuufii dhiistee "itti himu moo dhiisu laa?" · gaaffii jedhuun keessa isheen wal lolti. Dhumarrattis itti himuuf murteessite"Hiriya koo! Hardha waan jabaa tokkon sitti hima adaraakee osoo of hin jeeqiin na dhaggeeffadhu.' 'jetteen. Aansiifis waanticha dhagahuuf gurri socho'e. "tole! Tole naaf himi."Jetteen. "eemmm ...bareedduu koo ati kan Obbo Yaaddessaafaa miti ... " jettee osoo

Afaanii hin xumuriin "ka ...kan eenyutiree? Ani beekeeraa bar! Kan eenyuuti? Maaloo Biloo warraa koo dhugaa beektaa? ani kan eenyuuti? Uuuu" jechaa iyyite Aansiif. Bilooniis" lakki hiriyeekoo anoo maatii kee hin beeku. garuu yeroo abbaan koofaa odeessan akkan dhagahaa turetti,

obboleessi kee muka jala si kaa'ee bishaan ati dhugdu siif kadhachuuf yeroo deemutti Obbo Yaaddessaanfaa akka si hatanidha."jetteen. Aansiif waan Biloon itti himaa jirtu abjuu itti fakkaatee "Biloo achii hoo? Obboleessi koo eessatti goreree? .""isallee badaa beekuu baadhus garuu bakka si kaa'ee deemee si dhabnaan gara Finfinneetti akka bade xiqqoo xiqqoo gurra na bu'eera. Yeroo Obbo Yaaddessaanfaa si hatan Suuraan Obboleessa kee lafatti bu'ee ture. Abbaan koo immoo Achuma muka Sana jalaa argee fuudhe gale. amma yoona mana keenya jira suurichi. Amma fidee dhufuu?!" jetteen Biliseen. Yeroo kana Aansiif "maaloo Biloo dafi!"Jetteen.Biloonis Fiigichaansuuraa Abbaan ishee Lafaa fuudhee mana kaa'e Sana fiddee dhufte. Aansiif suura Obboleessa ishee ilaalaa boosse. Suurichas baala mukaatiin martee Giphii ishee uka keessa jiru keessa kaawwatte. Aansiif dhugaa abjuu fakkaatu yoo dhageessu waan dubbiitu harkaa bade. Gaaffii umurii ishee guutuu rakkisaa ba'eef deebii argachuu isheetti garuu gammadduudha. "adaraa kee dubbin kun anaaf si gidduu qofaattii icciitii haa ta'u. maatiin koo akkan sitti hime yoo beekan na ajjeesuu" jettee Billoon. Aansiifiinis waadaa galchiifattee, yeroo dheeraa waliin turanii gamtoo gara galgalaatti siqnaan Aansiif qoraan manaa ittin baateef waan hin cabsineef -kan Biloo addaan hiratanii gara

qe'eetti galan. Yeroo Aansiif mana geessu maatiin hunduu galanii jiru. Firrisaaniis akkuma Aansiif faa jalaa baheen figaa ishee dursee galeera.maatiin guutuun fuulli isaanii sirrii miti.hundinuu ittiin hoodan.Firrisaan haaloo Biloo fi Aansiif isa tumaniifi waan hawwe dhabee sanaa bahachuuf jecha ishee dursee galuun shira xaxate.Akka Aansiif dargaggeessa waliin bosona keessa ooltetti galee maatii guututti odeesse. Aansiifis waansaa wallaaltee "aayyoo maal rakootu jira moo? jette sossodaachaa." "haha maal maaf dhufte?Maaliif isuma waliin oolte wajjiin hin buliin."Aadde Kumashii turte.Wanti Aadde Kumashiin jedhan martuu Aansiifiif haaradha."ma maal jechaa jirtuu?" gaaffii Aansiifiiti.Yeroo kana ObboYaaddessaan alangaa ittiin fardoota isaa leenjifatu qinaaxxii manaa irraa gadi butatee Aansiifiin daaraa irraa kaase,"uu uuuuu maaloo abbaa naaf dhiisaa! ishee hardhaa qofa na baraaraa! uu" jetti Aansiif.Yeroo kana Firrisaan inni abbaa shiraa utubaa manaatti hirkatee itti kolfa.Obbo Yaaddessanis hanga tumu tumee gadi dhiise.Ansiif boo'icha ishee dafttee dhaabdee fiigaa gara mana ciisichaa isheetti galtee yeroodhaan ciiste. Aansiif dhukkubbii jireenyaa, rakkinaafii darara mana Obbo Yaaddessatti maatiin isaafii Firrisaan isheerran gahan baattee jireenya ishee itti fufte....

.....8.....

Walqixheen halkanii darbee waariin gara bariitti sigigaachaa jira. Firrisaan hawwii isaa bara dheeraa guuttachuuf rafee hin beeku. tasumaas abdii hin kutu. Hardhas hirriba isaarraa wareeree suuta jedhee balbala mana Aansiif keessa jirtu banee yeroo ol seenu; Aansiif hirribarraa utaaltee Firrisaa ta'uu isaa gaafa hubattu gaaffi.if deebii tokko malee haguraa manaa olfuutee sammuutti lakkiste achumatti bishaan goote.Aansiif ariitiidhaan giiphii isaa keessaa qarshii soddoma fudhattee jireenya mana obbo Yaaddessaafaa ijoollummaa ishee saame gattee deemuuf murteessite.Suuta jettee ulaa mana keessaa akkuma banteen, Obbo yaaddessaan Itti wareeree Utaalee dhufe. Aansiif naasuun of wallaalte. huccuu ishee pilaastikaan qabdee jirtu daftee of duubatti darbatte! "Intalaa yeroo kanaan Maal Asii hojjetta?!"Jechaa Bifa dheekkamsuun itti dubbatan Obbo Yaaddessaan.Isheenis daftee deebi argatte."Lakki! Garaa koo na dhukkubee jennaanin mana fincaanii deemuufi."Jetteen.Obboo Yaaddessaanis osoo guguungumuu gara Hirriba isaatti deebi'e. Aansiifis Obbo Yaaddessaan Rafuu isaa mirkaneeffannaan Suutaan huccuu ishee fuutee, kottee ishee akka kottee sinbiraatti suuta ejjechaa , suuta jechaa

Balbala mooraa banattee Gara alaatti baate.akkuma gadi baatee deemsa jalqabdeen karaa duuba ishee sagalee kotte namaa Dum! Dumm! Jedhu dhageesse. Baayyee sodaatteetti. Yaadaan waan baayyee keessa galte "tarii Obbo Yaaddessaafatu na hordofaa laata?! Moo Firrisaadha?! Moo maali laata?"Jechaa dhiphatti. Sagalichi amma immoo ittuma dhihaachaa dhufe. Yoo kana Aansiif Lubbuun Bahuuf Harsassee bira geesseetti. Amma na qaba! Jettee ofirratti eeguus jalqabde. Battaluma sanatti sagalee "Si intalaa!" jedhu dhageesse. Ofirra garagaltee ilaaluu sodaattee "A a anaa?!"Jette Ansiif miira sodaan."Kan biraa eenyutu as jirare?!" Jedhe sagalichi ammas deebi'ee. Aansiif Abbaa isaa baruuf jarjartullee Duubatti garagaluu sodaatteetti.

Deemsa ishees hin dhaabne. Suuta jettee garagaltee yoo ilaaltu Ilma Obbo Dhugaasaa Dirribaadha.Dirribaan akkuma Firrisaa Aansiifiin Adamsaa ture. Aansifis isa ta'uu isaa gaafa bartu "yaa rabbi! Bineensa sana jalaa baanaan kanattimmoo na kennitaa?!"Jettee keessa isheetti. Dirribaanis Ariitii isaa daddabalee bira gahe."saatii kana alaa maal hojjetta?" Jedhe Dirribaan. "Lakki! Homaa!"Jettee Aansiif. Dirribaanis Hammeenya itti hin yaadne fakkaata."Sin geggeessaa Garam deemtaree?!"Jedheen."Lakki ani hin fagaadhuu".Aansiif

turte."Taanaan Tole!" Jechaa Karaa guddaa irraa maqee ulaa wayiitti gadi gore. Aansiif Gammaddeetti. "Uuuuufff yaa uumaa.koo ati ulfaadhu!"Jechaa gara Bufata konkolaataatitti imala ishee itti fufte. Buufata konkolaataa magaalaa Amboo geesse. Imala ishees magaala Finfinneetti fuulleffatte. Konkolaataa 'Hayiruufii' Addasabaa... Addisaabaa... jettutti ol lixee barii barraaqaan mudhii ishee jabeeffattee jiruufii jireenya 'Addisaabaa'arguuf imala ishee tokko jettee jalqabde. Magaalota ASGORII, GIINCII, OOLANKOMII, HOOLATAA ... kana hunda qaxxaamurtee bakka jireenya Naanboonii magaalaa finfinnee Agamsatti konkolaataa irraa buute.

Qarqara asfaaltii qabattee dhaabbatte. Aansiif gaafa ilaalan mucayyoo baadiyyaa ta'uun ishee nii beeksisa. kanaafi fakkaata kan kashalabboonni magaalaa qocolaa itti baayyisaniif. Tokko Itti culullachuu fedha. Tokkommoo jechaan ishee madeessa. Kan dhungachuuf yaalus jira. Gariin ammoo Harkattis pilaastika keelloodhaan huccuu isheen qabdee turte Harkaa butee baqachuuf cololi'a. Kana hundumaa ittifachun hojii Aansiif isa cimaafi dadhabsiisaa itti ta'e. Isheenis

Shamarrumaa ishee abaaraa waaqatti boo'uu qofaa filattee dhaabbachuushee itti fufte.

Daqiiqota muraasa osoo hin dhaabanne faddaalaan tokko dhufee "sew bet megbat tfeligiyalesh?" jedhee gaafateen "awo betam" deebii Aansiif ture. Aansiif magaalaa Amboo keessatti waan guddatteef afaan amaariffaa nii yaalti. Namtichis fuudhee Hoteela (aalbeergoo) guddaa naannoo Caffee Araaraa (kiiloo jahatti) argamuutti geesse. Hoteelochi kan Obbo Beekaafaa kan warra guddistoota Naanbooniiti ture...

Naanbooniin baayyee guddateera. Obbo Beekaanis dhukkuba dhiibbaa dhiigaatiin waggoota dheeraaf erga rakkataniin booda boqotaniiru. Harmeen seeraa Naanboonii immoo erga abbaan warra ishee boqotee firoota biyya Ameerikaadhaa waan qabduuf qabeenya jiru mara Naanboonnidhaaf malatteessittee biyya hambaatti godaante.

* * * *

....9....

Amma Naanbooniiniin Abbaa qabeenyaa Beekkamaa ta'u illee Dararaan yeroo ijoollummaa isaa isa mudate akka innii akka abbootii qabeenyaa biroo hin taane isa dhorkaniiru.Namootaaf nii yaada.Ijoollee haadhaafi Abbaa hin qabne barsiisuufi jiraachisuun bira dhaabbata.Hojjettoota Hoteela isaa keessa hojjetan waliin walii galtee jabaas nii qaba.Qarshii gahaa kennaafii nageenya isaanii haalaan eegsisu.Hojjeettoota hooteela isaa keessa hojjetan keessaa Naanboonii Simaleedhaan baayyee jaalataan.isheenis akkasuma.Simaleen dhalattuu Gimbiiti. Kan Isaan lameen wal jaalataniifi hojjettoota biroorra addatti walitti siqaniif sababa Oromummaa isaaniiti!

Aansiifis Manuma Naanbooniifaatti Damee Keessummeesuu irratti bobbaatee hojii jalqabde.Aansiif akka dhufteen Simalee waliin wal bartee walitti dhufeenya jabaa uumuu jalqaban.Naanbooniini akkuma hojjettoota kuwwaniitti Aansiifin wal bare.Ansiif hooteelochi itti toleera.Dhiibbaan isheerra gahus waan hin jirreef.Haaluma kanaan Ji'oota muraasa erga hojjetteen booda.Dhukkubsachuu jalqabde.Garuu guyya tokko ittiin ciistee hin beektu.Mataan ishee baayyee bowwaafata.Yeroo tokko tokko akka of wallaaluus nii

taati. Hardha garuu baayyee dhukkubeera. Bari akkuma lafti bari'een hirribarraa kaatee gaafa alatti bahuuf jettu, Of wallaaltee balbalumarratti diriirtee hafte. Yeroo Aansiif kuftu Sagalee wayii waan dhageessisteef Simaleen waan isaa hubachuuf gadi baate. Yeroo gadi baatu naatee "uuuu Biqiltu! Biqiltu! Maaloobnaaf birmadhaa "jettee watwaatte Simaleen.

Hojjettoonni achi keessas yaa'ani dhufan. Aansiifiin qabanii Gara Hospitaalaatti fiigan. Aansiif Qorannaa Qaama Guutuu erga Ilaallamteen booda Firiin Qorannichaa hanga bahutti achuma hospitaala Akka ciistu Ajajame. Turtiidhaan Booda Aansiif of wallaalltee kan turte wareerte. Siimooniis achuma bukkee ishee teessee turte. Aansiif bakka jirtu erga to'atteen booda Simalee of biratti argite."Si Siimoo! Maaliifan As dhufee?"Jetteen."Biqoo koo Xiqqoo si dhukkubee waan tureef malee homaa miti" jetteen."Maarree ka'i ni deemnaa kunoo fayyeera mitii"Gaaffii Aansiif ture. Simaleenis"lakki! Asuma turuu qabna" jetteen. Aansiifiis yaada Simaleen waliif galuu ishee morma sochoostee itti himte. Naanbooniin walgahii Abbootii Qabeenyaa Magaalaa Finfinneetti Geggeeffamaa jiru irratti hirmachaa waan jiruuf Simaleen deddeebitee bilbiiltuif iyyuu Irraa kaasuu hin dandeenye. Guyyaanis dhiheera Simaleen Achuma Kutaa Aansiif keessa ciistee jirtu keessa

Fooxaa wayii uffattee bulte. Akkuma lafti bari'een Doktaroonni firiin Qorannaa Aansiif Bahu isaa itti himan. Simaleenis dhukkubni Aansiif maal akka ta'e dhagahuuf jarjarte. Akkas jedhe Dooktarichi "Akkuma kaleessa Qorannaa Guutummaa qaamaa taasisneen Firiin isaa amma baheera. Bayyee nama gaddisiisa! Dhukkubni ishee ...Kaanseerii dhiigaati. Dhukkubni kun immoo as biyya keessatti yaalamuun hin eegalamne. Kanaaf yeroo dhihoo keessatti biyya alaa deemtee yaalamuu qabdi. Hangasitti garuu asuma Hospitaala keenya keessa turuu qabdi." Jedhee osoo hin xumuriin Simaleen imimmaan ishee qabachuu dadhabde. Boosse! "Doktar! Isheenoo hojjettuu mana bunaati. Fira ykn maatii tokko hin qabdu. akkamiin Biyya alaatti yaalamti maaloo Dooktar!" Jettee hinqirfachaa itti dubbatte. Dooktarichis baayyee gaddee homaa falli biraa akka hin jirre cimsee itti hime. Simaleen kutaa Dooktarochatii akkuma gadi baateen Naanbooniidhaaf bilbilteef
 Simalee; "Haloo!"
 Naanboonii; "oo! Siimoo Akkam?!"
 Simalee; "uuuf...Akka maaliin qaba jetteeti?! Biqiltmin dhukkubsachaa jirti. Mee Hospitaala Phaa'uloos lakkoofsa 321 tti koottu."

Naanbooniin; "OMG! Maalii waanti akkasii?! Dhufe! Dhufe! "jechaa bilbila cufate. Naanbooniin yerosuma konkolaataa isaatti bahee Hospitaalicha gahe. Akkuma achi gaheen ijaan lakkoofsa Simaleen itti himte barbaaduu jalqabe. Xiqqoo erga barbaadee Kuticha agree jennaan banate ol seene. Aansiif ciiftee Simaleen immoo bukkee ishee teessee haasawaa jiru. Aaansiif Naanbooniin dhufuu isaatti naateetti! "Biqiltuu Maal?! Maal taateeti?!" Gaaffii Naanbooniiti. Aansiifis akka sossodaachuu ta'aa "xiqqoo na dhukkubeeti" jetteen. Siimoonis harkaa fudhattee "ee! Naanboonii xiqqoo dhukkubeetu."Jette. Naanbooniinis "ow! Maaf hanga yoonaa naaf hin bilbille?!" Jedheen."Kaleessaa guyyaa guutuu siif yaalaan oole. garuu bilbilli kee hin hojjetu." Simaleedha! Innis Akka wal gahii irra ture itti himee Aansiif achumatti gatani wal fudhatanii gara alaatti bahan. Aansiif dhukkubni ishee Kaanseerii dhiigaa akka ta'eefi biyya alaa deemtee akka yaalamuu qabdu hin dhageenye.

Akkuma gadi bahaniin teessoo alarra jiru gubbaa taa'anii Simaleen dhukkuba Aansiifii fi Biyya alaatti malee fayyuu akka hin dandeenye Naanbooniitti himte. Innis baayyee gaddee Ilaalcha gaarii qabu irraan kan ka'e kaffaltii Barbaachisu dhibbeentaa 50 akka gargaaru Simaleetti hime. Siimoonis

Gochasaatti gammaddee Akka galateeffachuu goote. Kanumaan gara kutaa yaalaa Aansiifitti seenan. Naanbooniin teessoo gara Aansiifitti butatee taa'e. Simaleen nnmoo achuma siree Aansiif irra ciisterra teesse."Biqiltuu Akkam sitti furree?!"Jedhee baasaa jalqabe Naaniin.Aansiif dhukkubaan dadhabaa waan jirtuuf "Ee! Homaa hin jedhu!"Jette sagalee Adda ciccituun. Naaniiniis "Dooktaroonni kee Biyya alaa deemtee yaalamuu qabdi waan jedhaniif ani baasii isaa dhibbeentaa 50 siifan haguuga. Kan hafeef immoo Maatii ykn firri kee eessa jiru?"Jedheen.

Aansiif gaddi Guddaan itti dhagahameera. "Siimoo itti himi."Jechaa imimmaan harcaaste. Simaleenis tokko lama jettee seenaa Aansiif akkuma isheen itti himtetti Naanbooniidhaaf himte. Naanbooniin akka Abjuu Ta'e.Seenaa isaaf Obboleetti isaa inni duutetti jedhee abdii kutateetiin wal itti fakkate."Biqiltuu! Maqaan kee inni sirriin kanumaa?!" Jedhee gaafate Naaniin.Aansiifs "Maqaa warri koo naaf baasan hin beeku. Warri na guddisan garuu Biqiltuu naan jedhu. Maaloo naaf rakkadhu. Obboleessi koo Finfinnee akka jiru namni naaf himee ture. Akkuma taate ta'iitii isa naaf barbaachisi. Suurri isaa yeroo inni na gatee deemu warri Ollaa keenyaa lafaa arganii ergan ani guddadhee natti Kennan na

birajiraa."Jetteen. Naanbooniin Jarjaraa "meerre suurichi?!" Jedheen. Isheenis suuta jettee Bobaa ishee jalaa suuricha fuutee itti kennite. Naanbooniin Suuraa isa yeroo ijoolluummaa arge! "uuuu eeyyeen sirriidha! Ati Aansiifidha! Anuma obboleessikee!" Jechaa Waan dubbii wallale. Arrabni isaa xaxame! Obboleettii isaa "Duuteett!" Jedhee abdi kutate Arge! Hammachuuf itti kaata.as jedha. Achi jedhaJilbeeffatee akka Galata galchuus ta'eera."yaa waaqakoo! Hooqubaan kee yaa ta'u! Maaloo maal guyyaan eebbifamaan akkasii?!" Naanbooniin waan jechaa fixate. Simaleen waan wallaaltee calliistee Naanbooniifaa ilaalti. Aansiifis Obboleessi ishee Finifinnee jiru Naanboonii ta'uu isaa hubatte. Bakka ciistutti Gammachuun macheesseera. walitti maramanii boohan. Imimmaan gammachuu. Ilmaannan Abbaaf haadha tokkoo jireenyi gadi soqamee Qililloome gargar baase

Guyyaan Walitti isaan fidate. Simaleenis baayyee gammadde. Naanbooniinis obboleettiin isaa Biyya Ameerikaa geessee yaalchisuuf Adeemsa jalqabe. Akkuma viizaan baheefiin Fudhatee Ameerikaa bakka Guddistuun Naanboonii Adde Ilillii Deeman. Adde Ililliinis Wal arguu Naanbooniifatti hedduu gammaddee Aansiifiin Yaalchifatan.Aansiif fayyitee turtii ji'oota muraasaan booda, Gara biyyaatti deebi'an.

Naanbooniin Durirraa kaasee Bareedina amalaafi Bifa
Simaleetiin booji'amee waan tureef Simalee waliin bultii
ijaarratan.Aansiif immoo Barnoota akka Bishaanii
dheeboochaa turtelle fayyaa ishee guutuu waliin itti fufte.

Xummurameera!

HIKAA JECROOTA

CULUULLACHAA-Itti Rarra'aa

Quccoluu-Dubbiin Tuquu

Dambacaa-Jaarkaanii (meeshaa pilaastika Irraa tolfamee, waantonni dhangala'oon itti naqaman)

Sabiyyii-daa'ima Baatamuurra hin darbine.

Anqalbaa-Gogaa loowwaniifi Bushaayee irraa tolfamee, kan daa'imaattiin baatan.

Ol-timanii-olseenanii

Sumunii-Saantima Digdami shan. jechi dhokataan isaa immoo Xinnoo!

Cololi'aa-hawwaa ykn Fedhaa

Faddaalaa-kan hojjetaaf hojjechiisaa wal qunnamsiisu

CoolbofteeFuula6 - Bishaantaate!

Donneessuus-raatessus

Caacutii-ilmoo simbirroo ykn Lukkuu

Qiyyaaftee-Akeektee

Wixxirfatu-Tattafatu

Ilmaannan-ilmoollee ykn daa'imman

LegoodaanaaTedadaarii-dhaabbata guddisa

daa'imman haadhaaf abbaa hin qabnee.

Dukkaana-suuqii

Giiphii-kiisii

Laa-Laata?

Qinaaxxii-Baaxii manaa

Salgii-kokkee ykn morma

Waarii-galgala(gamtoo)